Lakk.Galmee:--01486

Guyyaa:--17/6/2017

Unka **Gaaffii Tajaajila Hariroo hawaasaa** hawaasa ittiin gaafatamuuf kan kennamudha.

- **Unkichi qarshii malee kan kennamuudha.**

Iyyannoo SDFS keewwata 203 fi 205 guutee dhiyaateedha .

Ol'iyyataan/tuun/tootni --Dassaaleeyii Bayyanee

Deebii kennaan/ kennituun:--Ganamee Maatiyoos

giddutti falmii himata ----------adeemsifamaa ture ilaalchisee Ol'iyyataan

A.Murtii Dhaddachaa gaafa guyyaa-13/6/2017 Oolee Kennamee irraa komii waanan qabuuf **Ol'iyyaannoon** akka naaf kennamu gaafadha.

B.Dhaaddacha idilee mana murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furiitiin ajaja ykn Murtii gaafa guyyaa

____-_____kennamee galagalfamee akka naaf kennamu gaafadha.

C.Mallaqnii Moodela 85niin gaafa guyyaa _____-__qabame akka gadi naaf lakkifamu gaafadha

D.As Ooluun koo Waajjira _____-_____tiif akka naaf barreffamu gaafadha.

E.dhorki qabeenya galmee lakkoofsi isaa ---------- tti kenname akka naaf ka'uuf iyyata dhuyeffadheera.

F. Gaaffii biro ----------

Maqaa Hojjetaa Odeeffannoo guutee

Maqaa:--Hunde Feyisa

Mallattoo_____

Guyyaa --17/6/2017

Maqaa Abbaa dhimmaa

Dassaleny Bayyanaa Ittaana

2098,993.1(miliyoona lamaa fi kuma sagaltamii saddeetii dhibba sagalii fi sagaltamii sadii fi saantima kudhan) dursanii kaffaluun qabeenyaa kana iyyataa fi waamamtuun qixxeetti haa qooddatan jennee murteessineerra.

Ajaja

- Mana Jireenyaa Magaalaa sandaafaa Bakkee Ganda 01 tti argamu kaareemeetira 200 irratti argamu lakk kaartaa isaa 14/774/99 ta'e gaafa 14/1/15 kenname maqaa iyyataan jiru kan waliinii iyyataafi waamamtuu waan ta'eef idaa mana kanaa Baankii Awaashiif hin kaffalamin jiru qarshii 2098,993.1(miliyoona lamaa fi kuma sagaltamii saddeetii dhibba sagalii fi sagaltamii sadii fi saantima kudhan) dursanii kaffaluun qabeenyaa kana iyyataa fi waamamtuun qixxeetti haa qooddatan jennee murteessineerra.
- Baasii fi kisaaraa bitaa fi mirgi kan mataasaanii haa danda'an jenneerra,
- Komiin yoo jiraate ol'iyyannoon mirgadha,
- Galmeen kan murtaa'e waan ta'eef cufameera, gara mana galmeetti haa deebi'u.

gaggeeffameera. Manichi garuu jira. Magaalaa Sandaafaa Ganda 01tti argama. Kaareemeetira 200dha. Manichi osoo gaayila keessa jirruu bitame. Isheen baankii Zaman hojjatti ture qarshii 80,000 baasii garaagaraa mana kanaaf liqeeffattee qarshiin 60,000 baasii ta'eefii jira. Baankii Awaash damee Finfinneetu naaf bitame jedheera.

Manni murtii ijoo mana waliinii kan iyyataa fi waamamtuu jedhame kana ilaalchisee idaan jiru meeqa? Meeqan bitame? Kan jedhu qulqulleessuuf qabanneerra.Waajjirri Lafaa Magaalaa Sandaafaa xalayaa lakk SB/WL/774/99/384 gaafa 30/5/17 barraa'een maqaa iyyataan magaalaa Sandaafaa Bakkee keessaa lakk kaartaa 14/774/99 gaafa 14/1/15 fi bal'innisaa kaareemeetira 200 ta'e galmaahee jiraachuu fi dhorka liqii baankii qarshii 2146000 kan ofirraa qabuu fi mana guddaa tokkoo fi sarviisii kan ofirraa qabu ta'uu gabaasaniiru. Kaartaan dhiyaates magaalaa Sandaafaa Bakkee ganda 01 ta'uu kan agarsiisuudha. Baankiin Awaash xalayaa lakk AB/FIN/0165/2017 gaafa 1/6/17 barraa'e erganiin iyyataan liqaa baankii isaanii irraa hayyamameen bittaa manaa raawwataniin liqaa gaafa 28/9/2022 liqaa kan fudhatee fi liqaan hayyamameef 2,146,000 yoo ta'uhanga ammaa kan kaffalan 47,006.89 hafteen irra jiru 2098,993.1(miliyoona lamaa fi kuma sagaltamii saddeetii dhibba sagalii fi sagaltamii sadii fi saantima kudhan) ta'uusaa gabaasaniiru.

Manni murtiis falmii taasifame, ragaa fi seera rogummaa qabu waliin qorateera. Iyyataa fi waamamtuun falmii taasisaniin manni himanaadhaan dhiyaate kan waliinii gaayila isaanii keessatti liqii baankiirraa argameen waliin bitatan ta'uusaa wal amananii kan jiran waan ta'eef qabeenyaa waliiniiti. Qabeenyaan waliinii haadha manaa fi abbaa manaa immoo qixxeetti akka qoodamuu qabu seera maatii Oromiyaa labsii lakk 69/1995 fi 83/1996 keewwata 117 jalatti kan tumamee fi idaan yoo jiraate immoo dursee kafalamuu kan qabu ta'uusaa seeruma maatii Oromiyaa keewwata 116 jalatti tumamee argama. Kanaafuu manni jireenyaa Magaalaa sandaafaa Bakkee Ganda 01 tti argamu kaareemeetira 200 irratti mana guddaa tokkoo fi sarviisiin argamu lakk kaartaa isaa 14/774/99 gaafa 14/1/15 ta'e maqaa iyyataan jiru kan waliinii iyyataafi waamamtuu waan ta'eef idaa mana kanaa BaankiiAwaashiif hin kaffalamin jiru

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaate

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan beellamame qorannoo yemmuu ta'u qorannee murtii armaan gadii kennineerra.

Murtii

Murtii kanaaf ka'umsa iyyannaa fooyya'e gaafa 8/4/17 barraa'e waamamtuun dhiyeeffatteen qabeenyaa waliinii mana jireenyaa magaalaa Sandaafaa keessatti lakk kaartaa 14/774/99 gaafa 13/1/15 kennameen maqaa iyyataan galmaahee jiru bal'ina kaareemeetira 200 irratti jiru qarshii 2,150,000n maallaqa baankii irraa liqiin argameen bittaan arganne gatii gabaa ammaan gurguramee idaan baankii hafe kaffalamee gaheen kiyya akka naaf kennamu kan jedhuudha.

Iyyataan deebii akka dhiyeessu jedhamus kan hin dhiyeeffanne waan ta'eef mirgi deebiisaa kan darbameedha.

Falmii gaggeeffameen Waamamtuun Yoo falmitu manni jireenyaa kaareemeetira 200 irratti argamu Magaalaa Sandaafaa keessatti kan argamuudha. Lakk Kaartaa isaa 14/774/99 dha. Baankii Awaashiin kan bitameedha. Bara 2015 keessa bitame. Yeroo sana gaayilaan kan jirru ta'ee bara 2016 wal hiikne. Jamoo 3 jiraataa turre. Ji'a ji'aan qarshii 15000 mindaa iyyataarraa muramee kaffalamaa ture. Mindaasaatiin bitame. Baankii Awaash Damee Finfinnee kan hojjatuudha ture. Liqiidhaan bitameera waan ta'eef akka naaf qoodamu kan jettuudha.

Iyyataanis gama isaan yoo falmu Manni kun jira. Bara 2015 ji'a fulbaanaa bitame. Liqii Baankiidhaa argameen bitame. Qarshii miliyoona lamaa fi kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii jaha. Achii kaasee ji'a 26f qarshii 398,800 mindaa kiyyarraa baasii ta'eera. Idaan baankii amma jiru qarshii 2,080,319 dha. amma hojiirra hin jiru. ji'a kana keessa hojiirraa

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii
Dhaddacha Maatii fi Daa'immanii

Fuula/ገጽ.- 72
Lak.Galmee/የመ.ቁ.01486
Guyyaaa:- 6/6/17
Sa'aatii:- 9:30

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaate

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan beellamame bu'aa ajaja kennamee eeguuf yemmuu ta'u, Waajjirri Lafaa Magaalaa Sandaafaa Xalayaa lakk SB/WL/774/99/384 gaafa 30/5/17 barraa'e fuula tokkoo fi kaartaa lakk isaa 14/774/99 ta'e waliin erganii fuulli lama galmeen walqabateera. Baankiin Awaash xalayaa lakk AB/FIN/0165/2017 gaafa 1/6/17 barraa'e fuula tokko erganii galmeen walqabateera.

Ajaja

- Galmee qorachuuf gaafa 13/6/17 sa'aatii 8:00tti beellamameera.

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - Abuk. Bayyanaa Addunyaa dhiyaatan

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - hin dhiyaanne

Galmeen kan beellamame bu'aa ajaja kennamee eeguuf yemmuu ta'u, abukaatoon iyyataa bakka bu'iinsa kan fidan yoo ta'u afaan Oromootti kan hin hiikamne waan ta'eef hiiksisuun haa dhiyeessan jenneerra. Bu'aan ajajaa kan hin dhiyaanne waan ta'eef irra deebiin nuuf haa ajajamu jedhaniiru.

Ajaja

- Ajajni Waajjira Lafaa Magaalaa Sandaafaaf barraa'ee manni jireenyaa lakk kaartaa isaa 14/774/99 gaafa 13/1/2015 kenname maqaa iyyataa Dassaalanyi Bayyanaatiin kan jiruudhaa? Magaalaa Sandaafaa Ganda Kamitti argama? Bal'inni isaa Kaareemeetira meeqadha? Isa jedhu ragaa mana galmee jiru irraa akkasumas bakka irra gahuun yoo barbaachises bakka irra gahuun mana akkamii akka ta'es qulqulleessuun akkasumas garagalcha kaartaa mana kanaas beellamatti gabaasa waliin saamsuun akka ergan haa barraa'uuf,
- Baankii Awaash damee Finfinneef ajajni barraa'ee manni jireenyaa lakk kaartaa isaa 14/774/99 ta'e gaafa 13/1/2015 kenname maqaa iyyataa Dassaalanyi Bayyanaatiin bitame ilaalchisee manni kun liqii qarshii meeqa ta'e iyyataaf hayyamameen kan bitameedha? Idaan hanga ammaa kaffalame meeqa? Idaan mana kanaa hin kaffalamin jiru hoo meeqa? Isa jedhu qulqulleessuun beellamatti akka gabaasan haa barraa'uuf,
- Bu'aa ajaja kennamee eeguuf gaafa 6/6/17 sa'aatii 9:30tti beellamameera.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii
Dhaddacha Maatii fi Daa'immanii

Fuula/ገጽ.- 70
Lak.Galmee/ቁ.ፍ.01486
Guyyaaa:- 27/5/17
Sa'aatii:- 8:30

Ajaja

- Ajajni Waajjira Lafaa Magaalaa Sandaafaaf barraa'ee manni jireenyaa lakk kaartaa isaa 14/774/99 gaafa 13/1/2015 kenname maqaa iyyataa Dassaalanyi Bayyanaatiin kan jiruudhaa? Magaalaa Sandaafaa Ganda Kamitti argama? Bal'inni isaa Kaareemeetira meeqadha? Isa jedhu ragaa mana galmee jiru irraa akkasumas bakka irra gahuun yoo barbaachises bakka irra gahuun mana akkamii akka ta'es qulqulleessuun akkasumas garagalcha kaartaa mana kanaas beellamatti gabaasa waliin saamsuun akka ergan haa barraa'uuf,
- Baankii Awaash damee Finfinneef ajajni barraa'ee manni jireenyaa lakk kaartaa isaa 14/774/99 ta'e gaafa 13/1/2015 kenname maqaa iyyataa Dassaalanyi Bayyanaatiin bitame ilaalchisee manni kun liqii qarshii meeqa ta'e iyyataaf hayyamameen kan bitameedha? Idaan hanga ammaa kaffalame meeqa? Idaan mana kanaa hin kaffalamin jiru hoo meeqa? Isa jedhu qulqulleessuun beellamatti akka gabaasan haa barraa'uuf,
- Bu'aa ajaja kennamee eeguuf gaafa 4/6/17 sa'aatii 5:00tti beellamameera.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii
Dhaddacha Maatii fi Daa'immanii

Fuula/ገጽ.- 69
Lak.Galmee/የመ.ቁ.01486
Guyyaaa:- 27/5/17
Sa'aatii:- 8:30

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaatte

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan qorannee dhagahuuf yemmuu ta'u, bitaa fi mirgi dhiyaatanii falmiin akka itti aanutti gaggeeffameera.

Waamamtuun Yoo falmitu manni jireenyaa kaareemeetira 200 irratti argamu Magaalaa Sandaafaa keessatti kan argamuudha. Lakk Kaartaa isaa 14/774/99 dha. Baankii Awaashiin kan bitameedha. Bara 2015 keessa bitame. Yeroo sana gaayilaan kan jirru ta'ee bara 2016 wal hiikne. Jamoo 3 jiraataa turre. Ji'a ji'aan qarshii 15000 mindaa iyyataarraa muramee kaffalamaa ture. Mindaasaatiin bitame. Baankii Awaash Damee Finfinnee kan hojjatuudha ture. Liqiidhaan bitameera waan ta'eef akka naaf qoodamu kan jettuudha.

Iyyataanis gama isaan yoo falmu Manni kun jira. Bara 2015 ji'a fulbaanaa bitame. Liqii Baankiidhaa argameen bitame. Qarshii miliyoona lamaa fi kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii jaha. Achii kaasee ji'a 26f qarshii 398,800 mindaa kiyyarraa baasii ta'eera. Idaan baankii amma jiru qarshii 2,080,319 dha. amma hojiirra hin jiru. ji'a kana keessa hojiirraa gaggeeffameera. Manichi garuu jira. Magaalaa Sandaafaa Ganda 01tti argama. Kaareemeetira 200dha. Manichi osoo gaayila keessa jirruu bitame. Isheen baankii Zaman hojjatti ture qarshii 80,000 baasii garaagaraa mana kanaaf liqeeffattee qarshiin 60,000 baasii ta'eefii jira. Baankii Awaash damee Finfinneetu naaf bitame jedheera.

Kanumaan nutis mana waliinii kan iyyataa fi waamamtuu jedhame kana ilaalchisee idaan jiru meeqa? Meeqan bitame? Kan jedhu qulqulleessuuf qabanneerra.

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaatte

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan beellamame deebii iyyataa eeguuf yemmuu ta'u iyyataaff beellamni shan kennamuuf illee deebii isaa sirreessee dhiyeeffachuu hin dandeenye. Guyyaa har'aa kanatti deebiin inni dhiyeessee jirus kan rogummaa hin qabneedha. Akka sirreeffatuuf itti himamus sirreessuuf fedhii akka hin qabneedha. Kanumaan mirga deebii dhiyeeffachuu waamamaa kanaa bu'uura s/d/f/h/h keewwata 199(1)tiin bira dabarreerra.

Ajaja

- Galmee qorannee dhagahuuf gaafa 27/5/17 sa'aatii 8:30tti beellamameera.

Abbootii Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Abbee Kadir

Barasaa Dhaabaa

Iyyataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaatte

Waamamaa:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan beellamame deebii fooyya'ee dhiyaatu eeguuf yemmuu ta'u, iyyataan deebii gaafa 5/5/17 barraa'e kan dhiyeesse ta'u illee deebiin dhiyaate Sirna barreeffamaa mana murtiin Hordofamu kan hin guunne, wantoonni deebii keessatti barreeffamanii dhiyaatanis wanta deebii keessatti barbaachisummaa hin qabne tokko tokko kan akka maqaa namootaa hin barbaachisne, Irra deddeebiidhaan kan guutame, barreeffama ogeessaan barraa'ee hin dhiyaanne waan ta'eef galmeen walqabachuu kan hin qabne waan ta'eef deebi'eefii jira.

Iyyataan kun haqaaf jecha yeroo dhumaa tokkoof deebii isaa sirreessee barreessisuun akka dhiyeessuuf itti himameera.

Ajaja

- Deebii iyyataa eeguuf gaafa 20/5/17 sa'aatii 8:15tti beellamameera.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 66
Lakk.01486
Guyyaa 05/05/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan Bayyanee Dassalnyi Bayyanaa Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- hin dhiyane

Galmeen kan beelamame deebii himataa himanna qoodiinsa qabeenyaa Mana jireenyaa himatamtuun dhiyeffatte irratti yeroo dhumatiif sirreffatee dhiyeffatu eeguuf yoo ta'uu himatamaan sirreffatee hin dhiyeffanne.Deebiin himataan dhiyeffate ammas dogongora kan qabu iftomina kan hin qabnef ibsi ragaa halli ittiin tarreffamee dhiyates dogongora kan qabu ta'uun hubatame jira waan ta'eef deebiin dhiyate galmeen wal hin qabanne.Manni Murtii ajaja itti aanu kenne jira.

Ajaja

- Himataan sababa tokko malee beelama itti aanutti deebii isaa haalaa iftomina qabu fi ulagaa seeraa guuteen ogessa seeraan barresifatee akka dhiyeffatu jenne jira.
- Beelamni 14/05/2017 sa'aa 4:30.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 65**

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**

Guyyaa 22/04/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan Bayyanee Dassalnyi Bayyanaa Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame deebii Iyyata qoodiinsa qabeenyaa himatamtuun dhiyeffatte irratti himataan kennu eeguuf yoo ta'uu deebiin himataan dhiyeffate ulagaa seeraa guutee kan dhiyate miti waan ta'eef galmee waliin wal hin qabanne.

Ajaja

Himataan sababa tokko malee yeroo dhumatiif deebii isaa halaa ulagaa seeraa guuteen barressee akka dhiyeffatu jenne jira.

Deebii himataa eeguuf beelamni 05/05/2017 sa'aa 3:30.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 64**

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**

Guyyaa 09/04/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan Bayyanee Dassalnyi Bayyanaa Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame deebii Iyyata qoodiinsa qabeenyaa himatamtuun dhiyeffatte irratti himataan kennu eeguuf yoo ta'uu deebiin himataan dhiyeffate ulagaa seeraa guutee kan dhiyate miti waan ta'eef galmee waliin wal hin qabanne.

Ajaja

- Himataan deebii isaa halaa ulagaa seeraa guuteen barressee akka dhiyeffatu jenne jira.
- Deebii himataa eeguuf beelamni 22/04/2017 sa'aa 3:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 63

Lakk.01486

Guyyaa 09/04/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan Bayyanee Dassalnyi Bayyanaa Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame himannaa fooya'ee dhiyatu eeguuf yoo ta'uu himanni fooya'ee kan gaafaa 08/04/2017 barreffame fulaa lama fi ibsa ragaa fuula tokko dhiyate galmeen wal qabatee gaheen himataa dhadacha irratti isa qaqabee jira.

Ajaja

- Himatamtuun kaffaltii A/seeruuma tilmama qabeenyaa dhiyeffatteeakka kaffaltu jenne jirra.
- Himatamaan himannaa fooya'ee dhiyate irratti deebii barreffamaa haa dhiyeffattu.
- Himataaf olmaan guyyaa 02/04/2017 fi kan gaafaa 09/04/2017 haa barreffamuuf.
- Deebii himatamaa eeguuf 16/04/2017 sa'aa 6:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 63

Lakk.01486

Guyyaa 02/04/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannee qabeenya walinii ilalchisee falmii afaanii dhaga'uuf yoo ta'uu galmee qoranne jirra. Galmee kessa akka qorannetti himatamtuun qabeenya Mana jireenyaa himatamaa waliin horannee jirra jette tilmaamtee hin dhiyeffanne kanaaf ajaja itti aanu kenninera.

Ajaja

- Himatamtuun tilmama qabeenya Mana jireenyaa gaheen ishee akka qoodamuuf gaafattuu ibsuun iyyata ishee foyyeffattee akka dhiyeffattu jenne jirra.
- Iyyata fooya'ee dhiyatu eeguuf beelamni 09/04/2017 sa'aa 5:00.

Murtii kun himataan mirga daa'iima isaa arguu fi jaala abbummaa isaa daa'iima isaaf qooduu,akkasumas daa'iimti mirga jaalala abbaa isheetii argattee guddachuu qabdi waan ta'eef baatii tokko kessatti guyyaa tokkotti daangessuun mirga himataas ta'ee kan daa'iima isaa kan dhiibu dha jenne kufaa goonee jirra.Haa ta'uu malee himataa fi himatamtuun hojjettota Baankii ta'uu tilmama kessa galchuun hojiin isanii sanabata guyyaa walakkaa kan hojjetamu waan ta'eef,himataan guyyaa sanbataa waaree booda sa'aa 8:00 irratti da'iima isaa fuudhee ofbira tursee sa'aa 11:00 irratti akka deebisu fi guyyaa dilbataa ganama sa'aa 3:00 irraa kaasee daa'iima isaa fudhatee hanga sa'aa 10:00tti ofbira tursee akka deebisu,guyyaa Sanbataa fi Dilbataan ala hayyama himatamtuun ala bakka daa'iimti jirtu akka hin demne jennee foyyesine murttesinera.

Ajaja

- Bakka guddina daa'iimaa Sinamoon Dassaleny himatamtuu irra gara isaatti akka darbuuf iyyanni himataan galmee lakk.02061 ta'ee irratti dhiyate bu'uura SMO kew.127/3 fi s/d/f/h/h/ kew 33/3tiin kufaa dha jedhame jira.
- Himataaan qallaba daa'iima Sinamoon Dassaleny umuriin waggaa sadi fi ji'aa Shan taatee ji'an qarshii 3,931.24/Kuma sadi fi dhibba sagali fi soddomii tokko fi saantima 24/100/ harka himatamtuutti akka kaffalu jennee bu'uura SMO kew 127/4 tiin foyyesinee murttesinee jirra..
- Himataan guyyaa sanbataa waaree booda sa'aa 8:00 irratti da'iima isaa fuudhee ofbira tursee sa'aa 11:00 irratti akka deebisu fi guyyaa Dilbataa ganama sa'aa 3:00 irraa kaasee daa'iima isaa fudhatee hanga sa'aa 10:00tti ofbira tursee himatamtutti akka deebisu,guyyaa Sanbataa fi dilbatan ala hayyama himatamtuun ala bakka himatamtuun hin jirretti bakka daa'iimti jirtu akka hin demne jennee foyyesine murttesinera.
- Galgalchi Murtii kanaa galmee lakk.02061 waliin wal haqabatu.
- Galmeen lakk, 02061 galmee kana irratti murtii argate jira waan ta'eef galmee kana kessa ba'ee mana galmeeti haa deebi'u.
- Qabeenya walinii ilaalchisee galmee qorachuuf beelamni 02/04/2017 sa'aa 3:30.

qabatee gama himatamtuutiin hanqinni kan hin jirre fi daa'iimti himatamtuu biratti haalaa gaariin guddachaa kan jirtu ta'uu ibsanii jiru. waligalaan Himataan daa'iimaa Sinamoon Dassalany jedhamutu himatamtuu waliin horatanii qaban ilaalchisee haalaa guddina ishee fi Kunuunsa ishee irratti hanqinni jiraachuu isaa fi sababni bakka guddina daa'iimaa himatamtuu irra gara isaatti darbuu qabu ragaan hin mirkanesine waan ta'eef iyyanni himataan galmee lakk.02061 ta'ee irratti dhiyate bu'uura SMO kew.127/3 fi s/d/f/h/h/ kew 33/3tiin kufaa dha jenne murttesinera.Iyyata ihimatamtuunn hangi qallabaa akka naaf fooya'uu jettee dhiyeffatteen wal qabatee SMO kew.127/4 jalatti kunuunsaa fi qallaba daa'iimaan wal qabatee jijiramni haalaa yeroo jiratutti murtiin kennamee ture fooya'uu kan danda'uu ta'uu tumee jira.Dhimma amma harkaa qabanuun himattuun qallabni daa'iimaa duraan himataan ji'aan akka kaffaluuf murtaa'ee ture qarshii 3,322/Kuma sadi fi dhibba sdi fi digdami lama/ ga'aa akka hin taaneef himataan yeroo ammaa ji'aan miindaa qarshii 52,000/kuma shantami lama/ oli kan argatu ta'uu fi gama biratiin haalli Gabaa fi qaala'iinsi jireenyaa yeroo ammaa jiruun Daa'iimti kun akka nyaataa ishee barabachuisu undumaa argattee guddachuuf yoo xiqqaate baatii dhaan qashii 20,000/kuma digdama barbachisa waan ta'eef akka fooya'uuf gaafatti.Manni Murtiis qulqula'uu kan qabu galiin himataa dabalee jira moo?miti? kan jedhu dha jedhee himataan hojjetaa Baankii ta'uu isaa waan hubatameef Baankii inni hojjetu Baankii Awash irraa galiin himataa qulqulluun akka qulqula'ee dhiyatu ajaje jira,Baankichis xalayaa gaafaa 28/02/2017 Mana Murtiif barresseen galiin himataa quluqulluun ji'aan harka isaa irra ga'uu qarshii 18,421.96/Kuma kudha sadeti fi dhibba afuri fi digdami tokko fi saantima 96/100/akka ta'ee ibsee jira.Galmee kessaa akka qorannetti galiin himatamaa yeroo duraan murta'eetti galiin qulqulluu himataan ji'aan argatu qarshii 15423.38/Kuma kudha shani fi dhibba afuri fi digdami sadi fi Saantima 38/100/ akka ta'ee galmee kessaa hubatame jira.Kanaaf galiin himataa duraan qallabni itiin murta'ee galii himataan amma argatu gadi waaan ta'eef galii himataa irratti jijiramni jira waan ta'eef qallabni galii himataa irratti hunda'uun fooya'uu qaba jennee jirra.Galmiin himataan amma argatu Manuwalii Murrttessa qallabaa Daa'iimanii Manni Murtii waligala Oromiyaa baasee bu'uureffachuun yeroo shallagnu himataan mindaa qulqulluu ji'aan argatu irraa qarshii 21.349% kaffaluu qaba Kanaaf himataaan qallaba daa'iima Sinamoon Dassaleny umuriin waggaa sadi fi ji'aa Shan taatee ji'an qarshii 3,931.24/Kuma sadi fi dhibba sagali fi soddomii tokko fi saantima 24/100/ harka himatamtuutti akka kaffalu jennee bu'uura SMO kew 127/4 tiin foyyesinee murttesinee jirra.Himatamaan daa'iima isaa akkamitti arguu danda'aa kan jedhuun wal qabatee himattuun haalaa hojii fi ofi ishetiif guyyaa sanbataa barumsa irra jiraachuu ishee ibsuun murtiinn himataan torbanitti guyyaa lama daa'iima isaa haa argu jedhame ture gara Baatii tokkotti guyyaa tokko akka argu jedhamee fooya'ee murta'uuf kan gaafatte yoo ta'uu,Manni

arguuf murta'ee itti argisiisaa akka turte ibsuun,hojjettuu Baankii guyyaa wiixataa hanga Jimaataa guyyaa guutuu hojiin kan ooltuu,Sanbata guyyaa walakkaa kan hojjettu,guyyaa walakkaa immo kan barattu waan ta'eef haalaa Kanaan torbanitti guyyaa lama daa'iima kana fuutee gessitee itti agarsiisuun yeroo hedduu rakkissaa jirachuu,Sababa torbanitti guyyaa lama himataa wajjin wal arginuufis jeequmsi hin malle isaan giddutti uumaa jirachuu ibsitee,Jeequmsi gidduu isaanitti uumamaa jiru kun sammuu fi guddina daa'iimaa isaanii irra midhaa ga'aa jira waan ta'eef torbanitti guyyaa lama argisiisuun humna ishee oli ta'uu gonkumaa hojii irra ooluu kan hin dandenye waan baatii dhaan guyyaa tokko jedhamee fooya'ee akka murta'uuf gaafattee jirti. Manni Murtii bitaf mirga falmisiisee ijoo qabatee ragaa irratti dhaga'ee jecha ragaa fi ragaa barreffamaa wal bira qabee qoratee jira.Ijoo Daa'iimti himataa fi himatamaan waliin horatanii Sinaamoon Dassalnyi umuriin waggaa sadi tatee himattuu biratti akka guddattuf murta'ee irratti haalaa guddisaa fi kununsaa daa'iimaa irratti rakkoon daa'iima sana ira ga'ee jira moo?miti?Rakkoon daa'iimaa sana irraa gahee jiru yoo jirateef rakkoon sun maal faa dha? kan jedhuun wal qabatee,ragaan himataan dhiyeffate ragaan 1ffaan himataan guyyaa tokko bilbilefii hojjettuu waraqaa eenyummaa hin qabnetti daa'iima koo hin keno ragaa naaf ta'ii jedhee isaa waamee kan ture ta'uu fi inni immoo achi ga'uu kan hin dandenye ta'uu,booda kara irratti obbolettii isaa waliin kan itti dhufe ta'uu fi wajjira Poolisiitti yoo daa'iima isaa irra midhaan ga'eef jedhee gabasee kan dhufe ta'uu akka itti hime ibsuun haalaa guddina daa'iimaan wal qabatee rakkoon jirachuuf dhiisuu waan beeku akka hin qabne ibsee jira.Ragaan himataa 2ffaanis rakko kunuunsaa fi guddissa daa'iimaan wal qabatee himataan jira jedhuun wal qabatee waan beeku kan hin qabne ta'uu ibsee jira.Ragoleen himattuun dhiyeffatte kunuunsaa fi guddisa daa'iima falmiif sababa taateen wal qabatee himatamtuun hojjettuu mata ishee dandesse qacartefii daa'iimti hojjettuu waliin kan ooltu ta'uu fi mucaan qofaa manni itti cufamee kan hin olle ta'uu hubachiisanii jiru.Qabbinsa daa'iimattiin wal qabatees rakkoon kan hin jirre ta'uu hubachiisani jiru.SMO kew.127/3/ bu'aa diggaa ga'eelaa hordofsiisuun wal qabatee kunuunsa daa'iimman waggaa shan gadi ta'anii ilaalchisee ijolleen waggaa shani gadi ta'aan haadha isanii bira tursiifamuu akka qaban tumee jira.Murtii fallaa tumaa seeraa kanaa kennuuf yokiin bakka biraatti akka guddatan murttessuuf immoo sababni mirkana'aan jirachuu kan qabu ta'uu tumaa seeraa kana irra nihubatama.Gama Kanaan himataan kunuunsaa fi guddisa daa'iimaa ilaalchisee himatamtuun sirnaan kunuunsitee guddissaa hin jirtu haajedhu malee,hanqinalee guddina daa'iimatti irratti gama himatamtuutiin jira jedhe ragaan inni dhiyesse hin mirkanesinef.Gama himatamtuutii ragoleen dhiyaatan haalaa guddisa daa'iimaan wal qabatee himatamtuun daa'iima haalaa gaariin guddisaa kan jirtu ta'uu hubachiisanii jiru.Ogessonni Wajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'iimmanii Ku/Mag/Furii irraa deemanii qoratanis qabiinsa daa'iimaan wal

kessa kan ooltu ta'uu ibsanii jiru.Daa'iimti haadha ishee himatamtuu biratti haalaa gaariin guddachaa kan jirtu ta'uu ibsani jiru.

Manni murtii himanna fi iyyata bitaf mirgaan dhiyate fi deebii gama bitaf mirgaan dhiyate jecha ragaa nama fi ragaa ajaja mana murtiitiin qaama rogummaa qabu irraa qulqula'ee dhiyate yeroo wal bira qabnee qorannu,himataan galmee lakk.02061 ta'ee irratti falmii dhirsaaf niitii galmee lakk.01486 kana irratti gaggeffamaa turee,diggaan ga'eelaa murta'ee kan jiru ta'uu fi kunuunsaa fi guddissa daa'iima himatamtuu waliin horatanii qabaniin wal qabatee daa'iimti himatamtuu biratti akka guddattuuf inni immoo qallaba daa'iimaa qarshii 3,377.63/Kuma sadi fi dhibba sadi fi torbatami torba fi sant.63/100/akka kaffaluuf itti murta'ee jirachuu ibsee, himatamtuun yeroo ammaa kana daa'iima isaanii sirnaan kunuunsitee waan guddissaa hin jirref daa'iimti garmalee miidhamaa jirti.1ffaa Daa'iimatti mana itti cufamee qofaa ishee kan ooltu yoo ta'uu sababa Kanaan guddina akka ijoollee kaanii agarsiisuu dhaaf rakkattee afaan baruuf ijollee biro waliin taphachuuf illee rakkachaa jirti waan ta'eef murtiin duraan kennamee ture fooya'ee daa'iimti isa biratti akka guddattuf akka murta'uu gaafata.Himatamtuun immo daa'iima irraan midhaan jedhame kan hin geenyeef,daa'iimti sirnaan guddachaa jirachuu ibsitee,daa'iimti umuriin ishee waggaa afur kan hin gunne ta'uu fi umurii ishee amma irra jirtuun immoo guddina daa'iimti hanga umurii isheetii tokko argisiisuu qabdu hunduma argisiisaa jirachuu ibsuun daa'iima isaanii sababa ofi isheetiif hojjettuu Baankii taateef hojjettuu qacartefii kunuunsitee guddissaa kan jirtu ta'uu ibsiteedaa'imti haadha ishee himatamtuu biratti guddachuu akka qabdu ibsuun murtiin duraan kenname gamabakka guddina daa'iimaatiin akka hin foyyofne mormii dhiyesite jirti.Gama biratiin iyyata murtiin qallabaa akka foya'uuf dhiyeffatteen, iyyataan Baatii dhaan qallaba daa'iimaaf qarshii 3,322/Kuma sadi fi dhibba sdi fi digdami lama/ akka kaffalu jechuun galmeedhuma kana irratti murta'ee jira.Daa'iimti kun waggaa lama fi ji'oota muraasa kessatti argamti.Yeroo ammatti guddina daa'iimaaf nyaanni adda addaa akka barbachisu beekamaa dha.Iyyataan yeroo ammaa ji'aan miindaa qarshii 52,000/kuma shantami lama/ oli argataa jira.Gama biratiin haalli Gabaa fi qaala'iinsi jireenyaa yeroo ammaa kessa jirruu beekamaa dha.Daa'iimti kun akka nyaataa ishee barabachuisu undumaa argattee guddachuuf yoo xiqqaate baatii dhaan qashii 20,000/kuma digdama/ barbachisa.Kanaafuu umuriin daa'iimaa dabalaa akka deemu baasiin guddinaaf barbaachisu dabalaa kan deemu ta'uu fi qalayiinsi gabaa fi ulfaatinni jireenyaa garmalee dabalaa jirachuu irraa kan ka'ee mallaqinni Kanaan dura murame guddina daa'imaa gahaa ta'uu dhabuun ogessaan erga qoratamee booda galii iyyataa giddu galeessa haalaa godhateen qallabni daa'iimaa fooya'ee akka naaf murta'uu,guddina daa'iimaan wal qabatee daa'iimti ana biratti akka guddattuuf murta'ee himataan torbanitti guyyaa lama akka

beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa haalli guddina ishee gaarii ta'uu isaa argeen jira.Waan daa'imaa tanaf barbaachisu hunda guuttee,nyaatas giiteef,qulqullinaan qabdee guddisaa jiraachu ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa afaan amariffaa darbee darbee afaan oromifaan dubbachuu ni beeka.Himatamtuun baankii hojjachuu ishee ni beeka.Guyyaa 6 hojjaaatti,guyyaan tokko boqonnaa dha.Yeroo himatamtuun baankii deemtyu hojjattuu waan qabduf isheen kan qabduuf ta'uu ni beeka.Haalli himatamtuu fi hojjattuun osoo hin jirre daa'imni kophaa ishee mana keessa teessuu hin jiru.Himatamtuun yoo hin jirre hojjatuu jira,hojjattuun yoo hin jirre himatamtuu jira waan ta'ef carraan daa'imni kophaa ishee itti cufaani deemaan hin jirtu.Himatamtuun hojii ishee xumurtee yeroo galtuu daa'imaa ishee bira turuu ni beeka.Himatamtuun daa'imaa ishee kana naamusa haati tokko ittin guddistuun guddisaa jiraachuu ni beeka.Isaan giddutti manguddummaas dubbisaa turef sirritti beeka.Ani akka dhuunfaa kiyyatti daa'immni tuni haadha ishee dhalte himatamtuu biratti yoo guddaatte irraa filadhaaf.Sababnis himatamtuun daa'imaa tana ofi ishee ofi miitee guddisaa jirti.Daa'imaa tana himataan haa guddisuu osoo jedhame dhugumatti daa'imaa kana tasgabba'ee ni guddisaa jedhee hin yaada.Himataan kuni namaa miti gaadiduu mataa isaatis ni shakka.Waan hundaa shakkiin waan ilaaluuf daa'imaa isaa kana sirnaan ni guddisa jedhe hin yaadu.Himataan hojjataa baankii ta'uu isaa ni beeka waan ta'ef akka haadhatti daa'imaa isaa kana ni guddisa jedhee hin yaadu jedhe jira.

Manni Murtii Murtii haqa qabessa kennuf nifayyada jedhee Wajjirri dhimmi dubartootaa fi Daa'immanii ku/Mag/Furii ogessa dhimmi kana waliin rogummaa qabu ramadee haalaa jireenyaa fi haalaa kununsaa daa'iimti himataaf himatamtuu Sinaamoon Dassalnyi ittiin guddachaa jirtu irratti qabiinsaa daa'imattiin wal qabatee rakkoon gama himatamtuun jirachuu fi dhiisuu?Yoo rakkoon jiratee rakkoon sun maal akka ta'ee? haalli daa'imattiin itti jirachaa jirtu maal akka fakkatuu?Akkasumas jireenyaa fi guddissa daa'imattiif haalli jireenyaa kan himattuf himatamaa qoratee laman kessa essattu miijataa kan jedhu bakka isaan jiratanitti argamuun namootaa walfalmitoota beekan akkasumas ollaa isaanii ta'an irraa fi qabatamaan waan jiru xiyyeffanno itti kennee qulqullessee bu'aa akka erguuf ajajee jira.wajjirichis bu'aa ajajaa gaafaa 04/02/2017 xalayaa lakk.WDDDKMF/00196/2017 ta'een barresseen,Daa'iimti himataa fi himatamtuu falmiis sababa taate haadhaa ishee bira jirachuu Guddistuu maqaan ishee Caaltuu Bulloo jedhamutu fi umuriin ishee waggaa 18 oli taateen guddifamaa kan jirtu ta'uu,kununsi godhamafi jirus gaarii akka ta'ee,Himataan yeroo bayyee bakka daa'iimti kun guddachaa jirtu deemee namoota naanno jiraniin mucaa koo kessaa dhiiga warabbattu,Kulaalitii Fudhattu jedhee waan dudubbatuuf namonin naanno iyyatanii naanno sana akka inni hin geenye dhorkanii kan jiran ta'uu ibsani jiru.Guddistuun daa'iimaa ille sababa kanatiin daa'iima waliin cufattee Mana

jedhe.Himataa kana yeroo tokko lama yeroo inni dhufu argeen jira. Daa'ima isaa haa ilaaluu haa dhiisuu waan beeku hin qabu.Guyyaa tokko lamaa yeroo himataan dhufu balballi manaa cufaa ta'uu isaa argeen jira.Ani daa'imaa isaani tanas hin beeku jedhe xumure.Manni himattuu kondominiyeemi kan jalaa ta'uu qofa beeka kanan ala waan isaan gidduu jiru hin beeku jedhe jira.

Ragaan himtamtuu 1ffaan Himataa fi himatamtuun sababa daa'imaa isaani Sinamoon jedhamtu irratti wal falmuu ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa himatamtuu bira jiraachuu ni beeka.Erga dhalatte irraa kaase ni beeka.Ani mana isaani ji'aanis guyyaa 15 mana himatamtuu waan deemuuf dhiyeenyatti ni beeka.Himatamtuun daa'imaa ishee tana akkuma haadha kamittuu nyaatas goteefi haala gaariin guddisaa jiraachuu ni beeka.Daa'imni tuni hanga ammatti rakkoo fayyaas haa ta'uu xinsamuu irratti argee tokko hin jiru.Daa'imni tuni yeroo ammaa afaan ishee hikkaattee ni dubbaatti.Afaan amariffaa dubbaachuu ishee ni beeka.Himatamtuun baankii zaman keessa hojjaachuu ni beeka.Himatamtuun ganama hojii deemtee galgala sa'aa 11:30tti galti.Yeroo kanatti daa'imaa tana hojjattuu maqaan ishee Caaltuu jedhamtu abbaa ishee hin beeku qacarteef ishee waliin mana olchuu ni beeka.Guyyaa iddoo daa'imaa baashansisaanitti wal lolaanin dura himataan daa'imaa isaa kana ilaalaa turuu ni beeka.Erga wal loolaani boodas daa'imaa tana himatamtuun fuutee himataa bira geessittee innis ilaalaa turuu darbee darbee ni beeka.Anis mana isaani yeroo dhaqee isaan manaa dhabee gaafadhu daa'imaa himataa bira geessuu ishee fa'aa naaf himuu ni beeka.Himatamtuun iddoo hojii ishee yoo deemte malee iddoo biroo daa'imaa ishee dhiistee hin deemtu,yeroo bashanaaf baatees daa'imaa ishee qabattee deemti.Ani daa'imni tuni wal falmittoota keessa himatamtuu haadha ishee dhalte biratti yoo guddatte irraa filadha.Sababnis himataan kuni himatamtuus ta'ee firaa ishees ta'ee firaa ofi isaa daa'imaa tanan wal qabatee hin aamanu.Himataan kuni daa'imaa tanan wal qabatee nama kamiyyuu hin aamanu.Sababa isaa garuu beeku hin danda'u.Ani rakkoo faayaa dhabuu isaa waan beeku hin qabu.Himatamtuun daa'imaa isaani akka himataa garsistuu naaf himaa turuu ishee fi himataanis daa'imaa tana taphachisee yeroo deebisuu ijaa kiyyan argeen jira.Guyyaa hojii hin qabne guyyaa 15 15 yeroo mana isaani dhaqu ni jira kanatti arguu danda'e.Guyyaa lakkoofsaan hin yaadadhu guyyaa daa'ima isaa waliin taphaatu jette.Ji'a gannaa darbe kana erga eebba himatamtuu boodas dhufe daa'imaa isaa fuudhee taphachisaa turuu argeen jira.Daa'imni tuni ijoollee ollaa waliinis achitti hin taphaati jette jirti.Ragaan himatamtuu 2ffaan Himataa fi himatamtuun daa'imaa isaani maqaan ishee Sinamoo jedhamtu umriin ishee waggaa 3 fi ji'a 3 geesse irratti wal falmuu isaani ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa himatamtuu haadha bira jiraachuu ni beeka.Mana jireenyaa himatamtuu ni beeka.Daa'imaas dhaqee argeen

hanga ammaa daa'imaa kiyya natti kennitee ana garsistee hin beektu jechun jecha ragummaa isaa kenneera.Ragaan himataa 1ffaan Ani kan beeku guyyaa,ji'aa isaa hin yaadadhu bara 2016 keessa Kutaa Magaalaa Furii iddoo daa'imaan itti taphaatanitti himataan daa'imaa isaani maqaa ishee hin yaadadhuu taphaachisaa osoo jiru himataan biilbilaa kiyya irratti naaf biilbilee koottuu ragaa naaf taataa eenyummaa ishee waan hin beekneef hojjatuutti daa'ima tiyya hin kennu jedhee naaf himee jedhu ani iddoo sanatti dhaquu hin dandeenye booda irra yeroon himataa kana bira gahu waajjira poolisii dhaqee waa'ee hojjattuu mana himatamtuu daa'imaa bira oltuu sababa waraqaa eenyummaa hin qabne fi eenyummaa ishee hin beeknef rakkoon daa'ima tiyya irra yoo gahe jedhee gaabase dhufe naan jedhee daandii irratti walitti dhufinee yeroo sana daa'imaa isaani,obboolleetti himataa fi himataa qofa arge malee himatamtuu iddoo sanatti hin argine.Ani kana booda achumatti dhiisee bira deeme.Guyyaa 2ffaadf guyyaa fi ji'a isaa hin yaadadhu himataan daa'imaa isaa ilaaluuf mana himatamtuu fi daa'imni isaani jirtu dhaqu mana keessa eenyu akka jiru hin beeku garuu irra baanuu diduu argeen jira.Balbala akka banamuuf dhadhawaa turee garuu namni irraa banu dhabee walumaan daa'imaa isaa osoo hin ilaallee deebi'ee galuu isaa ni beeka. Ani akka dhuunfaa kiyyatti rakkoon daa'ima isaani irra gahee kana jira jedhee waan dubbaadhu hin qabu.Akka himataan naaf himeetti garuu daa'imni isaa akka miidhamaa jirtuu,nyaata rogaa nyaachaa akka hin jirree fi dhukkubsachaa akka jirtu,hojjattoota daa'imaa tana jiraachisaan eenyummaa isaani kan hin beekne ta'uu fi erga himatamtuu waliin garagara bahani daa'imaa isaa ergee akka hin beekne fi sammuun isaa sababa daa'imaa isaa argee hin beeknetti akka miidhamee naaf himaa turuu isaa ni beeka jedhe ,guyyaa himataan daa'imaa isaa hojjattuutti hin kennuu jedhee didee sana haatii daa'imaa himatamtuun iddoo sana jirtii jedhee yeroon gaafadhu ni jirtii jedhee naaf himee jira.Sababa hojjattuun waraqaa eenyummaa hin qabnef daa'imaa isaa isheetti hin kennu jedhee diduu isaa himataa irraa dhagahee jira.Guyyaa sana daa'imaa himatamtuu fi hojjattuun waliin fiduu isaani himataan naaf himee jira.Guyyaa wal loolaa sana irraa kaasee hangam turee mana murtitti akka himate hin yaadadhu jedhe.Guyyaa xumuraa mana himatamtuu galgala sa'aa 12:30 himataa waliin dhaqine.Ani irraa fagadhee ilaalaa ture jedhe.Iddoo olmaa daa'imaan wal qabatee rakkoon ani dhuunfatti daa'ima tana irra gahee jira jedhu hin jiru hin beekus.Nageenya daa'imaa waiin wal qabatee rakkoon jirachuu fi dhabuu hin beeku jedhe jira.Ragaan himataa 2ffaan Ani ragaadha jedhamee waamamnan dhufe malee waan beeku hin qabu.Ani waardiyaa kondominiyeemi Aanaa Caffee Karaabuu eegaa jiru guyyaa isaa hin yaadadhu himataan kuni iddoo hojii kiyya kanatti natti dhufee daa'imaa takkaan asii qaba daa'imaa sana ilaaluu dhufe jedhee mana daa'imni keessa jirtu fageenyatti ana garsisee garuu daa'imaa kiyya arguu hin dandeenye jedhee naaf himuu isaa ni beeka.Maalif jedhee qorannaa keessa hin galle.Ani kanan ala waan beeku hin qabu

Manni Murtii galmee kessa qoratee ijoo Daa'iimti himataa fi himatamaan waliin horatanii Sinaamoon Dassalnyi umuriin waggaa sadi tatee himattuu biratti akka guddattuf murta'ee irratti haalaa guddisaa fi kununsaa daa'iimaa irratti rakkoon daa'iima sana ira ga'ee jira moo?miti?Rakkoon daa'iimaa sana irraa gahee jiru yoo jirateef rakkoon sun maal faa dha?Daa'imti himattuf himatamaa haalaa jirenyaa yokiin bakka olmaa isheen wal qabatee rakoon ishee irra ga'ee jira moo?miti?Haalaa nageenya daa'iimaan wal qabatee namni daa'iima himattuf himatamaa irraan midhaa gessisu dandad'uu jira moo?miti?yoo jirateef eenyuu dha?Qallabnni daa'iima himatamaan akka kaffalu murata'ee turefooya'uu qaba moo?miti? Bakka guddisa daa'iimaa himatamtuu irra gara himatatti jijiruun daa'iima sababa falmii taateef fayiidaa qaba moo?miti? kan jedhu qulqullessuun barbachisaa dha jedhee bitaf mirgi ragaa nama akka dhiyeffataniif ajajee ragaa dhaga'eera.

Himataan mata isaa dabalatee ragaa nama lama kan dhiyeffate yoo ta'uu himatamtuun ragaa nama lama dhiyeffattee dhaga'amaniiru.

Himataan bu'uura s/d/f/h/h kew. 261 tiin.Erga murtiin jalaa daa'imaa keenya ilaalchisee mana murtii kanaan murtaa'ee booda daa'imaa keenyaa falmiif sababa ta'e kana himatamtuun fiddee dhuftee anis irraa fuudhee iddoo tapha daa'imanii geessee taphaachisaa turee guyyaa isaa hin yaadadhuu daa'imni teenya tuni meeshaa ittin taphaatan hunda isaa ana taphachisaa jettee giddutti boossee jennaan anis hanga ijoolleen biroo konkolataa ofaan gadii lakkisaanitti jedhee tapha biroo taphachisaa jiru giddutti boosee jenneen himatamtuunis achuma jirti turte sababa daa'imni osoo taphachaa jirtu giddutti boosseef daa'imaa tiyya ana jalaa dhooftee naan jettee jennaan booda taphachisuu dhiisee daa'ima tana yeroo ana irra raftu sababa himatamtuun guyyaa kana booda daa'ima tana hin argiitu naan jetteef himatamtuu waliin baajajiin fuudhee waajjira poolisii Kutaa Magaalaa Furii deemnee jira.Sababni waajjira poolisii geesseefis eenyummaa hojjattuu daa'imaa tiyya eegduu waan hin beekneef akka ana beeksistuuf isaan biratti iyyadhee furmanni naaf godhame hin jiru.Himatamtuun hanga ammatti daa'imaa tiyya eessa akka geessitte hin beeku,enyuu waliin akka jirtuu hin beeku.Namoonni eenyummaa isaani hin beekne hanga amma ana irratti biilbilaani daa'imni nu bira jirti,harka keenya jirti jedhani akka waan butanitti naaf haasa'uu.Ani himatamtuu fi namoota kanas ni shakka daa'ima tiyya ana jalaa fudhaatani iddoo biroo geessuu,biyya alatti erguu jedheen shakka.Daa'imaa tiyya akka hin ilaalee himatamtuun biilbilaa ishee natti cuftee,manas seenee ykn dhaqee akka hin ilaallee natti cuftee jirti.Hojjattuunis akka daa'imaa natti hin garsisnee ana dhoorkitee jirti.Daa'ima tiyya waliin akka wal hin argiinee,daa'imni tiyyas ijoollee biroo hiriyyaa ishee waliin wal argitee akka hin taphanne himatamtuun raawwachuu jirti.Himatamtuun akkataa manni murtii naaf murteesseetti

umuriin daa'iimaa dabalaa akka deemu baasiin guddinaaf barbaachisu dabalaa kan deemu ta'uu fi qalayiinsi gabaa fi ulfaatinni jireenyaa garmalee dabalaa jirachuu irraa kan ka'ee mallaqinni Kanaan dura murame guddina daa'imaa gahaa ta'uu dhabuun ogessaan erga qoratamee booda galii iyyataa giddu galeessa haalaa godhateen qallabni daa'iimaa fooya'ee akka naaf murta'uu,guddina daa'iimaan wal qabatee daa'iimti ana biratti akka guddattuuf murta'ee himataan torbanitti guyyaa lama akka arguuf murta'ee itti argisiisaa tureen jira.Ani hojjettuu Baankiiti guyyaa wiixataa hanga Jimaataa guyyaa guutuu hojiin oolaa.Sanbata guyyaa walakkaa nihojjedha,walakkaa immo nibaradha.Haalaa Kanaan torbanitti guyyaa lama daa'iima kana fuudhee gessee itti agarsiisuun yeroo hedduu narakkisee jira.Sababa torbanitti guyyaa lama wal arginuufis jeequmsi hin malle anaa fi himataa giddutti uumaa jira.Jeequmsi gidduu keenyatti uumamaa jiru kun sammuu fi guddina daa'iimaa keenyaa irra midhaa ga'aa jira.Kanaaf torbanitti guyyaa lama argisiisuun humna oli ta'uu qofaa osoo hin ta'iin gonkumaa hojii irra ooluu kan hin dandenye waan ta'eef haalaa fi amalli yeroo ammaa anaaf daa'iima illee balaa guddaaf Saaxilaa jira waan ta'eef baatii dhaan guyyaa tokko jedhamee fooya'ee akka naaf murta'u jette jirti.

Himataan deebii gaafaa 23/09/2016 barreffamee dhiyateen qallabaa fi guddina daa'iimaan wal qabatee iyyataan Mana murtii kanatti lakk.gal 02061 ta'e irratti daa'iimni ani fi wamamtuu waliin horanne qabanu ana iyyataa bioratti akka guddattu akka naaf murta'uu iyyadhee yeroo ammaa kana falmii irratti kan artgamnu waan ta'eef qallabaa fi guddissa daa'iimaa ilaalchisee iyyattuun kan isheen gaafachaa jirtu galmee lakk.02061 ta'ee irratti adeemsifamaa jiru waliin bakka tokkotti akka naaf ilaalamu jedhe jira.Mindaan ji'aan argadhu qarshii 15,000/Kuma kudha shan/ anaaf daa'iima kotiif ga'aa waan ta'eef nama daa'iima koo naaf guddisu illee qopheeffachaa waanan jiruuf daa'iimi koo ana biratti akka guddattuf akka naaf murta'uu jedhee deebii kenne jira.

Manni Murtii galmee qoratee galmeen Lakk.02061 irratti iyyanni himataan dhiyeffate kunuunsaa fi guddisa daa'imaa waliin kan wal qabatuu fi iyyanni iyyattuun kunuunsaa fi guddisa daa'imaan wal qabsiiftee qallabnii akka fooya'uuf haalaa guddisa daa'iimaa irratti murtiin akka naaf foya'uu jettee galmee kana irratti iyyatte jirtu bakka tokkotti ilaalamee yoo murtii argateef haqa qabessumma waan qabuuf,murtiin kennamu illee akka wal hin fallesine waan fayyaduuf bu'uura s/d/f/h/h kew 11 tiin galmeewan kun bakka tokkotti akka ilaalaman ajaja kennee falmiin bakka tokotti ilalamaa turee jira.

Falmii afaanii gaggeffameen himataa fi himatuun bu'uura himnnaa fi bu'uura deebii isaanitiin cimsanii falmani jiru.

ani eenyummaa isaanii beekuu hin dandenye fi isaan illee eenyummaa isaanii anatti himuu didan daa'iima koo konkolataa lakk.Gabatee isaa koodii 4-02236 AA ta'een iddoo isheen jirtuu fudhatanii deemanii jiru.Eenyummaa namoota kanaa himatamtuun akka anatti himtuuf gaafannan didde jirti.Dhimma kanas wajjira Poolisii Ku/Mag/Furiitti eeruu kennadheen jira.Namonni Mucaa kee hin argattu jedhanii nasodachisaa jiran waan jiraniif himatamtuun illee waanuma wal fakkataa waan naan jechaa jirtuuf mucaa koo kana ana jala miliqsuu danda'u jedhee shakkera.Walumagalatti daa'iimti koo kunuunsa barbachisa ta'e himatamtuu biratti argattee guddachaa hin jirtu waan ta'eef ,daa'imti himatamtuu biratti akka guddattu jedhamee murtiin kennamee ture naaf jijiramee ana biratti akka guddattuuf murtiin naaf haa kennamu jette jirti.

Himatamtuun deebii gaafaa 30/08/2016 fooyyeffattee dhiyeffatteen daa'iimti kun umurii waggaa lama fi ji'aa muurassaati.Guddina daa'iimman umurii kana kessatti agarsiisuu qaban eegdee guddataa jirti.Daa'iimman kamuu guddina wal fakkataa argisiisuu dhabuu nimala.Umurii ammaa irra jirtu faanaa yeroo ilaalamu afaanis sadarkaa kana irratti waan barachuu qabdu baraa jirtioDaa'iimti rakkoo tokkoyyu hin qabdu.Daa'iimti Kophaa manni itti cufamee ooltii jechuun kan ka'ee guutummaan guutuutti soba.Daa'iima tiyya hojjettuu qacareefii haalaa gaariin guddisaa jira.Daa'iimti umuriin waggaa sadi hin gunne Olmaa daa'iimmanii galchuu irra hojjettuun qacaramteefii qophaa ishee guddachuu wayya.Umurii Kanaan daa'iima olmaa daa'iimmaniiti galchuun sirrii hin ta'u.Himataan daa'iima torbanitti guyyaa lama akka argu murta'ee jira.Anis Murticha kabajuun gessee itti agarsiisaan jira.dhugaan jiru garuu Sanbata guyyaa walakkaa nan hojjedha,walakkaa immoo nan baradha.Kanas himataa waliin mari'aanne jirra.Rakkoon fedheyyuu yoo jiraate torbanitti yoo xinnate guyyaa tokko hin argin hafe hin beeku.Iyyanni dhiyate kun sababa gahaan deggaramee waan hin dhiyannef akka kufaa naaf godhamu jette jirti.

Himatamtuun iyyataa gaafaa guyyaa 30/08/2016 barreffamee galmee lakk.01486 irratti dhiyateen iyyataa fi wamamtuun yerooo gaa'eelaan turre kessatti daa'iimti tun ana iyyattuu biratti akka guddattu,iyyataan Baatii dhaan qallaba daa'iimaaf qarshii 3,322/Kuma sadi fi dhibba sdi fi digdami lama/ akka kaffalu jechuun galmeedhuma kana irratti murta'ee jira.Daa'iimti kun waggaa lama fi ji'oota muraasa kessatti argamti.Yeroo ammatti guddina daa'iimaaf nyaanni adda addaa akka barbachisu beekamaa dha.Iyyataan yeroo ammaa ji'aan miindaa qarshii 52,000/kuma shantami lama/ oli argataa jira.Gama biratiin haalli Gabaa fi qaala'iinsi jireenyaa yeroo ammaa kessa jirruu beekamaa dha.Daa'iimti kun akka nyaataa ishee barabachuisu undumaa argattee guddachuuf yoo xiqqaate baatii dhaan qashii 20,000/kuma digdama/ barbachisa.Kanaafuu

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranne kunuunsaaf guddisa daa'iimaan wal qabatee himanna himataan galmee lakk.02061 ta'ee irratti gaafaa 02/07/2016 dhiyeffatee fi iyyata qallabni naf haa foyya'u jechuun himatamtuun gaafaa 30/08/2016 dhiyeffattee turte irratti Murtii itti aanu kenninera.

Murtii

Murtiin kun kennamu kan danda'ee himatan galmee lakk,.020601 ta'ee irratti iyyata dhiyeffateen Ani iyyataa fi wamamtuun Mana Murtii kanatti galmee lakk.01486 ta'ee irratti falmii dhimmi dhirsaa fi Niitii gaggessaa tureen booda Manni Murtii kunis gaa'eela nugidduu jiru diiguu dhaan daa'iima Maqaan ishee Sinaamoon Dassaaleenyi jedhamtu iyyattuu biraatti akka guddattu ani iyyataan immoo mirga daa'iima kana daawwachuu akkan qabu fi qallaba daa'iimaa ji'aa ji'aan %21.9 yokiin qarshii 3,377.63/Kuma sadi fi dhibba sadi fi torbatami torba fi sant.63/100/akkan kaffaluuf anatti murta'ee jira.Haa ta'uu malee waamamtuun yeroo ammaa kana daa'iima keenya sirnaan kunuunsitee waan guddissaa hin jirref daa'iimmi koo garmalee miidhamaa jirti.1ffaa Daa'iima koo mana itti cufamee qofaa ishee kan ooltu yoo ta'uu sababa Kanaan guddina akka ijoollee kaanii agarsiisuu dhaaf rakkattee afaan baruuf ijollee biro wakliin taphachuuf illee rakkachaa jirti.Ijollee biro hiriyyaa ishee ta'aan in wal qixa guddina kallattii garagaraan argisiisuuf maltu hin agarsiifne.Sanbataa fi Dilbata daa'iimi kun ana bira dhuftee ani muuxannoo basiisummaa waan qabuuf nabira ooltee akkan ishee barsiisuu fi wixataa hanga jimaataa immoo oolmaa daa'iimanii galchee akkan barsiisuuf yeroo garagaraa gaafadhu illee hayyamamtuu miti.Mana kessatti Televizhinii fi bilbila qofaa waan fayyadamtuuf kun immoo ijollee waliin waligaluuf rakkoo itti uumee jira.Manni Murtii ani iyyataan torbeetti si'aa lama ana bira dhuftee akkan daawwadhuuf murttessee wamamtuun daa'iima koo ana dawwachiisuu diddee jirti.Daa'iima kanas kana booda tasuma sihin dawwachiisu jettee ana sodaachifti.Himatamtuun daa'iima koo sirnaan kunuunsitee waan ishee barbaachisu guttefii guddisaa hin jirtu.Daa'iima hojjettuutti kennitee bira deemti.Eenyummaa hojjettuu kana illee akka anatti himtuuf gaafadhus natti himu hin dandeenye.Hojjettuun kunis kan dhufte kara faddalotaa waan ta'eef namonin ani eenyummaa isaanii hin beekne daa'iima koo akka barbaadan gochuu danda'u waan ta'eef yeroo ammaa kana haalli nageenyaa daa'iimti kiyya kessa jirtu kan nayaddessee jiruu dha.Namoonni

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame Daa'imti himataa fi himatamaan waliin horatanii qaban mucaan Sinamoon Dassalanyi jedhamtu dhadacha irratti dhiyatte jirti umuriin ishee yeroo ammaa waggaa sadi fi ji'aa shan yoo ta'uu dhadacha irratti yaada ishee sirritti ibsachuu kan hin dandenye dha.

Ajaja

Galmee qorchuuf beelamini 19/03/2017 sa'aa 9:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 50**

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**

Guyyaa 09/03/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame Qorannof yoo ta'uu galmee kessa qorannee jirra.Himatamtuun himataan sa'aatii hojii ani mana hin jirretti bakka hojjettuun qofaa jirtutti himatamaan dhufee mana jeeqaa.Kanaaf ani rakkadheen jira daa'ima kotiifis sodaadheen jira jette jirti.

Himataan ani qaamni hin beekamne daa'iima koo irran midhaa ga'aa jedhee nan sodaadha waan ta'eef yeroon barbadeetti daa'iima deemee fudhachuun barbada jedhe jira.Daa'iimti rakkoo cimaa kessa jirti rakkoo guddan irra ga'aa jira waan ta'eef ,ani daa'iima koo nan fudhadha jedhe jira.

Manni Murtii bakka guddisa daa'iima kana murttessuun dura daa'iimti sadarkaa maalii irra jirti kan jedhu ilaaluu waan abarbaduuuf ajaja itti aanu kenne jira.

Ajaja

- Himattuun beelamatti daa'iimaa falmiif sababa taate qabattee akka dhiyattu jenne jira.
- Bu'aa eeguuf 16/03/2017 sa'aa 3:00.



A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame bu'aa eeguuf yoo ta'uu bu'aan xalayaa gaafaa 28/02/2017 barreffame fuulli tokko dhiyate jira.

Ajaja

- Himatamtuun galgalcha bu'aa dhiyatee kara kuta ofisara seeraa fudhattee turjumaansiftee beelama dura galmee waliin wal haa qabsiiftu.
- Galmee qorachuuf 09/03/2017 sa'aa 9:00.

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame bu'aa eeguuf akkasumas qqorannof yoo ta'uu himattuun ajaja hin fudhanne waan ta'eef bu'aan hin dhiyanne. Himataan iyyata gaafaa 25/02/2017 barreffame fuula sadi dhiyeffatee galmeen wal qabatera.Galmee kessa qoranne jira.Akka qorannettis iyyataan iyyata gaafaa 15/02/2017 barreffameen galmee kana irratti dedebi'ee falmachuuf bakka hojiitii hayyama argachaa waan hin jirref galmeen mirgi galmee sochoofachuu naaf eegamee akka naaf cufamu jedhee iyyatee jira.Manni Murtii sababa himataan dhiyeffate dedebi'uu hin danda'uu sababa jedhu yoo ta'uu galmeen himataan naaf haacufamu jedhee gaafate galmee lakk.02621 galmee kana waliin wal qabatee akka ilaalamu jedhamee ilaalama kan jiru yoo ta'uu sadarkaa amma irra jiruunis sadarkaa murtiin irratti kennamuu irra ga'ee jira waan ta'eef gara fuula duratti akka sochoofatuuf mirgi eegamee cufamuun isaa bu'aa qabessumma hin qabu jenne akkasumas galmeewwan lamaan waliin ilaalama waan jiraniif tokko kessa yeroof cufuun murtii kennamu irratti haqa qabessumma hin qabatu jennee ajaja itti aanu kenninera.

Ajaja

- Iyyata iyyataan gaafaa 15/02/2017 dhiyesse kufaa goone jira.
- Ajaja beelama gaafaa 15/02/2017 dhdacha ooleen kenname ture qaamaa ajajameef haa barreffamuuf.
- Bu'aa ajajaa eeguuf beelamni 02/03/2017 sa'aa 9:30.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 46

Lakk.01486

Guyyaa 15/02/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamtuun –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranne jira.Akka qorannettis himatamtuun iyyata galmee kana irratti dhiyeffatteen galiin himataa qarshii 52,000 waan ta'eef qallabnni akka naaf fooya'uu jette jirti.Himatamaan iyyata gaafaa 15/02/2016 barreffameen dedebi'ee falmachuu hin danda'uu waan ta'eef yeroof galmeen naaf haa cufamuu jedhe jira

Kanaaf Manni Murtii Murtii haqa qabessa kennuf jecha Galiin himatamaan ji'aan argatu Mana hojii isaa irraa qulqula'uu qaba jedhee ajaja itti aanu kenne jira.

Ajaja

- Baankiin Awaash wajjirri Muume galiin qulqulluu himataan ji'aan argatu qulqullessee bu'aa akka erguuf ajajinni haa barreffamuuf.
- Olmaan wal falmitootaaf haa barreffamuuf.
- Bu'aa ajajaa eeguuf iyyata dhiyate irratti galmee qorachuuf beelamni.26/02/2017 sa'aa 8:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 45

Lakk.01486

Guyyaa 07/02/2017

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame bu'aa ajaja dabee eeguuf yoo ta'uu bu'aan ajajaa kan gaafaa 04/02/2017 xalayaa lakk.WDDDKMF/00196/2017 ta'een barreffame fuulli sadi dhiyatee galmee waliin wal qabatee jira.

Ajaja

Galmee kessa qorachuuf beelamni 15/02/2017 sa'aa 8:00.

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qorannee akka ilaalletti himataan himanna isaa kessatti,Kunuunsaa fi guddissa daa'imaan wal qabatee daa'imti himataaf himatamtuu akka haadha ishee himatamtuu biratti guddattu murta'ee ture Manni itti cufamee qofaa ishee kan ooltuu ta'uu fi sababa kanatiin immoo guddina akka ijollee biro argisiisu kan hin dandenye ta'uu fi kuunuunsa barbachisaa argattee guddachaa waan hin jirref kunuunsa barbachisaa argattee akka guddattuuf murtiin bakka guddina daa'iimaa duraan kennamee ture jijiramee isa biratti akka guddattuf akka murta'uuf gaafata.Himatamtuun immoo haalaa guddisa daa'iimaan wal qabatee rakkoon kan hin jirre ta'uu ibsitee jirti.Manni Murtii murtii kennun dura koreen haalaa guddisa daa'ima Kanaan wal qabatee qoratee mana murtiif bu'aa dhiyessu hunda'uu qabaa jedhee ajaja itti aanu kenne jira.

Ajaja

- Wajjirri dhimmi dubartootaa fi Daa'immanii ku/Mag/Furii ogessa dhimmi kana waliin rogummaa qabu ramadee haalaa jireenyaa fi haalaa kununsaa daa'iimti himataaf himatamtuu Sinaamoon Dassalnyi ittiin guddachaa jirtu irratti qabiinsaa daa'imattiin wal qabatee rakkoon gama himatamtuun jirachuu fi dhiisuu? Yoo rakkoon jiratee rakkoon sun maal akka ta'ee? haalli daa'imattiin itti jirachaa jirtu maal akka fakkatuu?Akkasumas jireenyaa fi guddissa daa'imattiif haalli jireenyaa kan himattuf himatamaa qoratee laman kessa essattu miijataa kan jedhu bakka isaan jiratanitti argamuun namootaa walfalmitoota beekan akkasumas ollaa isaanii ta'an irraa fi qabatamaan waan jiru xiyyeffanno itti kennee qulqullessee bu'aa akka erguuf ajajinni haa barreffamuuf.
- Ajajinni bitaf mirgaan haa qaqabu.
- Bu'aa ajajaa eeguuf beelamni 07/2016 sa'aa 6:00.

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef qorachuuf yoo ta'uu,sababa galmeen baay'teef qorachuu hin dandeenye.Kanaf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

Galmee keessa qoraachuuf.

Beellama:-24/01/2017 S/B 8:00

Gaafii keessa deebii fi deebii ragaa hin jiru.

Ragaa bitaa fi mirgaa dhagahuun kanumaan xumuramee jira.Kanaf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

Galmee keessa qoraachuuf.

Beellama:-15/01/2017 S/B 8:00

beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa haalli guddina ishee gaarii ta'uu isaa argeen jira.Waan daa'imaa tanaf barbaachisu hunda guuttee,nyaatas giiteef,qulqullinaan qabdee guddisaa jiraachu ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa afaan amariffaa darbee darbee afaan oromiffaan dubbachuu ni beeka.Himatamtuun baankii hojjachuu ishee ni beeka.Guyyaa 6 hojjaaatti.guyyaan tokko boqonnaa dha.Yeroo himatamtuun baankii deemtyu hojjattuu waan qabduf isheen kan qabduuf ta'uu ni beeka.Haalli himatamtuu fi hojjattuun osoo hin jirre daa'imni kophaa ishee mana keessa teessuu hin jiru.Himatamtuun yoo hin jirre hojjatuu jira,hojjattuun yoo hin jirre himatamtuu jira waan ta'ef carraan daa'imni kophaa ishee itti cufaani deemaan hin jirtu.Himatamtuun hojii ishee xumurtee yeroo galtuu daa'imaa ishee bira turuu ni beeka.Himatamtuun daa'imaa ishee kana naamusa haati tokko ittin guddistuun guddisaa jiraachuu ni beeka.Isaan giddutti manguddummaas dubbisaa turef sirritti beeka.Ani akka dhuunfaa kiyyatti daa'immni tuni haadha ishee dhalte himatamtuu biratti yoo guddaatte irraa filadhaaf.Sababnis himatamtuun daa'imaa tana ofi ishee ofi miitee guddisaa jirti.Daa'imaa tana himataan haa guddisuu osoo jedhame dhugumatti daa'imaa kana tasgabba'ee ni guddisaa jedhee hin yaada.Himataan kuni namaa miti gaadiduu mataa isaatis ni shakka.Waan hundaa shakkiin waan ilaaluuf daa'imaa isaa kana sirnaan ni guddisa jedhe hin yaadu.Himataan hojjataa baankii ta'uu isaa ni beeka waan ta'ef akka haadhatti daa'imaa isaa kana ni guddisa jedhee hin yaadu jedhe xumure.

Gaafii qaaxxaamuraa himataa fi deebii ragaa

Nama hundaa shakkuun mataan isaa rakkoodhas anaf.Nama tokko yoo argee ana ajjeessuuf dhufa,ana miidhuuf dhufa jedhee waan dubbaatuuf daa'imaafis gaaridha jedhee hin fudhadhu.Himataan yeroo daa'imaa isaa kana mana himatamtuu dhaqee ilaaluu argee hin beeku.Yeroo himataan himatamtuun wal fuudhee jiraatuus shakkii kana ni qaba.Yeroo isaan waliin jiranittis mana isaani dhaqaan ture ni beeka.Hojjaattuun daa'imaa mana keessatti kununsiti malee fuutee waliin gadii hin deemtu.Ani hojjattuu himatamtuu dhuunfatti maqaa ishee hn beeku jedhe xumure.

Himatamtuun daa'imaa isaani akka himataa garsistuu naaf himaa turuu ishee fi himataanis daa'imaa tana taphachisee yeroo deebisuu ijaa kiyyan argeen jira.Guyyaa hojii hin qabne guyyaa 15 15 yeroo mana isaani dhaqu ni jira kanatti arguu danda'e.Guyyaa lakkoofsaan hin yaadadhu guyyaa daa'ima isaa waliin taphaatu jette.Ji'a gannaa darbe kana erga eebba himatamtuu boodas dhufe daa'imaa isaa fuudhee taphachisaa turuu argeen jira.Daa'imni tuni ijoollee ollaa waliinis achitti hin taphaati jette.Daa'imni tuni yeroo ammaa waggaa 3 fi ji'a 3 ni geessi jedhe xumure.

Gaafii keessa deebii himatamtuu fi deebii ragaa

Daa'imni tuni carraan osoo haati hin jirre ykn hojjattuun hin jirre kophaa ishee haalli itti cuufamee teessuu hin jiru.Daa'ima haalli kophaa mana keessatti itti cufamee jiraattu hin jiru jette xumurte.

Ragaa 2ffaa himatamtuu

Maqaa-Taarrafaa Fiqiruu

Umrii-waggaa-38

Hojii-gorsaa

Teessoon-Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Niifasilk Laaftoo

Garee lachuu ni beeka.Himatamtuun obboolleetti haadha manaa tiyya.Loola garee lachuu irraa hin qabu.Ragaa himatamtuuf dhufe.

Gaafii dursaa himatamtuu fi deebii ragaa

Himataa fi himatamtuun daa'imaa isaani maqaan ishee Sinamoo jedhamtu umriin ishee waggaa 3 fi ji'a 3 geesse irratti wal falmuu isaani ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa himatamtuu haadha bira jiraachuu ni beeka.Mana jireenyaa himatamtuu ni beeka.Daa'imaas dhaqee argeen

Garee lachuu ni beeka.Himatamtuun obboolleetti tiyya.Himataan abbaan manaa ture.Loola garee lachuu irraa hin qabu.Ragaa himatamtuuf dhufe.

Gaafii dursaa himatamtuu fi deebii ragaa

Himataa fi himatamtuun sababa daa'imaa isaani Sinamoon jedhamtu irratti wal falmuu ni beeka.Daa'imni tuni yeroo ammaa himatamtuu bira jiraachuu ni beeka.Erga dhalatte irraa kaase ni beeka.Ani mana isaani ji'aanis guyyaa 15 mana himatamtuu waan deemuuf dhiyeenyatti ni beeka.Himatamtuun daa'imaa ishee tana akkuma haadha kamittuu nyaatas goteefi haala gaariin guddisaa jiraachuu ni beeka.Daa'imni tuni hanga ammatti rakkoo fayyaas haa ta'uu xinsamuu irratti argee tokko hin jiru.Daa'imni tuni yeroo ammaa afaan ishee hikkaattee ni dubbaatti.Afaan amariffaa dubbaachuu ishee ni beeka.Himatamtuun baankii zaman keessa hojjaachuu ni beeka.Himatamtuun ganama hojii deemtee galgala sa'aa 11:30tti galti.Yeroo kanatti daa'imaa tana hojjattuu maqaan ishee Caaltuu jedhamtu abbaa ishee hin beeku qacarteef ishee waliin mana olchuu ni beeka.Guyyaa iddoo daa'imaa baashansisaanitti wal lolaanin dura himataan daa'imaa isaa kana ilaalaa turuu ni beeka.Erga wal loolaani boodas daa'imaa tana himatamtuun fuutee himataa bira geessittee innis ilaalaa turuu darbee darbee ni beeka.Anis mana isaani yeroo dhaqee isaan manaa dhabee gaafadhu daa'imaa himataa bira geessuu ishee fa'aa naaf himuu ni beeka.Himatamtuun iddoo hojii ishee yoo deemte malee iddoo biroo daa'imaa ishee dhiistee hin deemtu,yeroo bashanaaf baatees daa'imaa ishee qabattee deemti.Ani daa'imni tuni wal falmittoota keessa himatamtuu haadha ishee dhalte biratti yoo guddatte irraa filadha.Sababnis himataan kuni himatamtuus ta'ee firaa ishees ta'ee firaa ofi isaa daa'imaa tanan wal qabatee hin aamanu.Himataan kuni daa'imaa tanan wal qabatee nama kamiyyuu hin aamanu.Sababa isaa garuu beeku hin danda'u.Ani rakkoo faayaa dhabuu isaa waan beeku hin qabu jettee xumurte.

Gaafii qaaxxaamuraa himataa fi deebii ragaa

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula:- 38
Lakk/Galmee:-01486
Guyyaa:-09/0[illegible]/201[illegible]
Sa'aatii:-8:30

Teessoon-Kutaa Magaalaa Sabbataa Aanaa Moglee

Garee lachuu ni beeka.Firoomas ta'ee loola garee lachuu irraa hin qabu.Ragaa himataaf dhufe.

Gaafii dursaa himataa fi deebii ragaa

Ani ragaadha jedhamee waamamnan dhufe malee waan beeku hin qabu.Ani waardiyaa kondominiyeemi Aanaa Caffee Karaabuu eegaa jiru guyyaa isaa hin yaadadhu himataan kuni iddoo hojii kiyya kanatti natti dhufee daa'imaa takkaan asii qaba daa'imaa sana ilaaluu dhufe jedhee mana daa'imni keessa jirtu fageenyatti ana garsisee garuu daa'imaa kiyya arguu hin dandeenye jedhee naaf himuu isaa ni beeka.Maalif jedhee qorannaa keessa hin galle.Ani kanan ala waan beeku hin qabu jedhe.Himataa kana yeroo tokko lama yeroo inni dhufu argeen jira. Daa'ima isaa haa ilaaluu haa dhiisuu waan beeku hin qabu.Guyyaa tokko lamaa yeroo himataan dhufu balballi manaa cufaa ta'uu isaa argeen jira.Ani daa'imaa isaani tanas hin beeku jedhe xumure.

Gaafii qaaxxaamuraa himatamtuu fi deebii ragaa

Manni himattuu kondominiyeemi kan jalaa ta'uu qofa beeka kanan ala waan isaan gidduu jiru hin beeku jedhe xumure.

Gaafii keessa deebii himataa fi deebii ragaa hin jiru.

Ragaa 1ffaa himatamtuu

Maqaa-Ayyaantuu Maatiwoos

Umrii-waggaa-36

Hojii-Daldala

Teessoon-Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Jamoo

baanuu diduu argeen jira.Balbala akka banamuuf dhadhawaa turee garuu namni irraa banu dhabee walumaan daa'imaa isaa osoo hin ilaallee deebi'ee galuu isaa ni beeka. Ani akka dhuunfaa kiyyatti rakkoon daa'ima isaani irra gahee kana jira jedhee waan dubbaadhu hin qabu.Akka himataan naaf himeetti garuu daa'imni isaa akka miidhamaa jirtuu.nyaata rogaa nyaachaa akka hin jirree fi dhukkubsachaa akka jirtu,hojjattoota daa'imaa tana jiraachisaan eenyummaa isaani kan hin beekne ta'uu fi erga himatamtuu waliin garagara bahani daa'imaa isaa ergee akka hin beekne fi sammuun isaa sababa daa'imaa isaa argee hin beeknetti akka miidhamee naaf himaa turuu isaa ni beeka jedhe xumure.

Gaafii qaaxxaamuraa himatamtuu fi deebii ragaa

Guyyaa himataan daa'imaa isaa hojjattuutti hin kennuu jedhee didee sana haatii daa'imaa himatamtuun iddoo sana jirtii jedhee yeroon gaafadhu ni jirtii jedhee naaf himee jira.Sababa hojjattuun waraqaa eenyummaa hin qabnef daa'imaa isaa isheetti hin kennu jedhee diduu isaa himataa irraa dhagahee jira.Guyyaa sana daa'imaa himatamtuu fi hojjattuun waliin fiduu isaani himataan naaf himee jira.Guyyaa wal loolaa sana irraa kaasee hangam turee mana murtitti akka himate hin yaadadhu jedhe.Guyyaa xumuraa mana himatamtuu galgala sa'aa 12:30 himataa waliin dhaqine.Ani irraa fagadhee ilaalaa ture jedhe.Iddoo olmaa daa'imaan wal qabatee rakkoon ani dhuunfatti daa'ima tana irra gahee jira jedhu hin jiru hin beekus.Nageenya daa'imaa waiin wal qabatee rakkoon jirachuu fi dhabuu hin beeku jedhe xumure.

Gaafii keessa deebii himataa fi deebii ragaa hin jiru.

Ragaa 2ffaa himataa

Maqaa-Naggaa Waadajoo

Umrii-waggaa-35

Hojii-Waardiyyaa

ishee natti cuftee,manas seenee ykn dhaqee akka hin ilaallee natti cuftee jirti.Hojjattuunis akka daa'imaa natti hin garsisnee ana dhoorkitee jirti.Daa'ima tiyya waliin akka wal hin argiinee,daa'imni tiyyas ijoollee biroo hiriyyaa ishee waliin wal argitee akka hin taphanne himatamtuun raawwachuu jirti.Himatamtuun akkataa manni murtii naaf murteesseetti hanga ammaa daa'imaa kiyya natti kennitee ana garsistee hin beektu jechun jecha ragummaa isaa kenneera.

Ragaa 1ffaa himataa

Maqaa-Biqiilaa Yaadasaa

Umrii-waggaa-28

Hojii-hojjataa baankii

Garee lachuu ni beeka.Firoomas ta'ee loola garee lachuu irraa hin qabu.Ragaa himataaf dhufe.

Gaafii dursaa himataa fi deebii ragaa

Ani kan beeku guyyaa,ji'aa isaa hin yaadadhu bara 2016 keessa Kutaa Magaalaa Furii iddoo daa'imaan itti taphaatanitti himataan daa'imaa isaani maqaa ishee hin yaadadhuu taphaachisaa osoo jiru himataan biilbilaa kiyya irratti naaf biilbilee koottuu ragaa naaf taataa eenyummaa ishee waan hin beekneef hojjatuutti daa'ima tiyya hin kennu jedhee naaf himee jedhu ani iddoo sanatti dhaquu hin dandeenye booda irra yeroon himataa kana bira gahu waajjira poolisii dhaqee waa'ee hojjattuu mana himatamtuu daa'imaa bira oltuu sababa waraqaa eenyummaa hin qabne fi eenyummaa ishee hin beeknef rakkoon daa'ima tiyya irra yoo gahe jedhee gaabase dhufe naan jedhee daandii irratti walitti dhufinee yeroo sana daa'imaa isaani,obboolleetti himataa fi himataa qofa arge malee himatamtuu iddoo sanatti hin argine.Ani kana booda achumatti dhiisee bira deeme.Guyyaa 2ffaadf guyyaa fi ji'a isaa hin yaadadhu himataan daa'imaa isaa ilaaluuf mana himatamtuu fi daa'imni isaani jirtu dhaqu mana keessa eenyu akka jiru hin beeku garuu irra

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,himataan mataa isaa waliin ragaa nama 3,himatamtuun ragaa nama 2 dhiyyeessani ragoonni dhiyaatan dhugaa bahuf akkaataa amantaa isaanitti kakataani jecha isaani akka itti aanuutti irraa fuudhameera.

Himataan dursa jechas ragummaa isaa kennuuf kan iyyaate waan ta'ef jecha himataa bu'uura S/D/F/S keewwata 261 tiin akka itti aanuutti irraa fuudhameera.

Erga murtiin jalaa daa'imaa keenya ilaalchisee mana murtii kanaan murtaa'ee booda daa'imaa keenyaa falmiif sababa ta'e kana himatamtuun fiddee dhuftee anis irraa fuudhee iddoo tapha daa'imanii geessee taphaachisaa turee guyyaa isaa hin yaadadhuu daa'imni teenya tuni meeshaa ittin taphaatan hunda isaa ana taphachisaa jettee giddutti boossee jennaan anis hanga ijoolleen biroo konkolataa ofaan gadii lakkisaanitti jedhee tapha biroo taphachisaa jiru giddutti boosee jenneen himatamtuunis achuma jirti turte sababa daa'imni osoo taphachaa jirtu giddutti boosseef daa'imaa tiyya ana jalaa dhooftee naan jettee jennaan booda taphachisuu dhiisee daa'ima tana yeroo ana irra raftu sababa himatamtuun guyyaa kana booda daa'ima tana hin argiitu naan jetteef himatamtuu waliin baajajiin fuudhee waajjira poolisii Kutaa Magaalaa Furii deemnee jira.Sababni waajjira poolisii geesseefis eenyummaa hojjattuu daa'imaa tiyya eegduu waan hin beekneef akka ana beeksistuuf isaan biratti iyyadhee furmanni naaf godhame hin jiru.Himatamtuun hanga ammatti daa'imaa tiyya eessa akka geessitte hin beeku,enyuu waliin akka jirtuu hin beeku.Namoonni eenyummaa isaani hin beekne hanga amma ana irratti biilbilaani daa'imni nu bira jirti,harka keenya jirti jedhani akka waan butanitti naaf haasa'uu.Ani himatamtuu fi namoota kanas ni shakka daa'ima tiyya ana jalaa fudhaatani iddoo biroo geessuu,biyya alatti erguu jedheen shakka.Daa'imaa tiyya akka hin ilaalee himatamtuun biilbilaa

Abbaa Seeraa:- Abbabaa Qana'aa

Himataa:- Dassaalanyi Bayyanaa - dhiyaatte

Himatamtuu:- Ganamee Maatiyoos - dhiyaatte

Galmeen kan beellamame ragaa bitaa fi mirgaa dhagahuuf yemmuu ta'u, himataan ragaa namaa tokko, himatamtuun nama lama dhiyeessitee jirti. Dabalataan Himatamtuun sababa rakkoo fayyaan Abukaatoon kiyya waan hin dhiyaanneef beellamni naaf haa jijjiiramu jetteerti. Himataanis ragaan kiyya biraa hafes naaf haa dhiyaatu jedheera.

Kanumaan ragoota himatamtuu dhiyaatan Ayyaantuu Maatiyoos fi Tarrafaa Fiqiruu jedhamanii fi Kan Himataa Biqilaa Yaadasaa dhiyaatanii jiran beellamni itti himamee beellamneerra.

Ajaja

- Ajajni waamichaa ragaa himataa hin dhiyaanneef irra deebiin haa barraa'uuf,
- Ragaa bitaa fi mirgaa dhagahuuf gaafa 9/1/17 sa'aatii 8:00tti beellamameera.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 34**

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**

Guyyaa 21/12/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannoof yoo ta'uu galmee kessa qorannee haalaa kunuunsaa fi guddissaa daa'iimaan wal qaatee seerummaa himatamtuun iyyata galmee kana irratti dhiyeffaate akkasumas himannaa himataan galmee lakk.02061 ta'e irratti dhiyeffatee fi deebii kenname wal bira qabnee qorachuun ijoo Daa'iimti himataa fi himatamaan waliin horatanii Sinaamoon Dassalnyi umuriin waggaa sadi tatee himattuu biratti akka guddattuf murta'ee irratti haalaa guddisaa fi kununsaa daa'iimaa irratti rakkoon daa'iima sana ira ga'ee jira moo?miti?Rakkoon daa'iimaa sana irraa gahee jiru yoo jirateef rakkoon sun maal faa dha?Daa'imti himattuf himatamaa haalaa jirenyaa yokiin bakka olmaa isheen wal qabatee rakoon ishee irra ga'ee jira moo?miti?Haalaa nageenya daa'iimaan wal qabatee namni daa'iima himattuf himatamaa irraan midhaa gessisu dandad'uu jira moo?miti?yoo jirateef eenyuu dha?Qallabnni daa'iima himatamaan akka kaffalu murata'ee turefooya'uu qaba moo?miti? Bakka guddisa daa'iimaa himatamtuu irra gara himatatti jijiruun daa'iima sababa falmii taateef fayiidaa qaba moo?miti? kan jedhu qulqullessuun barbachisaa dha jennee ajaja itti aanu kennine jirra.

Ajaja

- Ijoo qabame irratti bitaf mirgi ragaa nama haadhiyeffatan.Ragoleef ajajinni haa barreffamuuf.
- Ragolee bitaf mirgaa dhaga'uuf 04/13/2016 sa'aa 9:00.

Abbaa Seeraa:Barasaa Dhaabaa Tufaa

Himataan:Dassaaleny Bayyanee-dhiyaate

Himatamaan:Ganamee Maatiyoos-dhiyaatte

Galmeen kan bule qorachuuf yoo ta'u,galmeen kun har'uma sa'aatii beellamaa irratti waan naaf dhiyaateef hin qoranne.

Ajaja

Galmee qorachuuf beellamni gaafa 21/12/2016 sa'aatii 5:00

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula:- 32
Lakk. Galmee:-01486
Guyyaa:-03/12/2016
sa'aatii-:8:00

Manni Murtii falmii bitaa fi mirgaa caqasuudhaan erga hubatee booda ajaja itti aanu kenneera.

Ajaja

1) Galmee qorachuuf beellamni 09/12/2016 Sa'aatii 8:00

Waa'ee qallabni fooyya'uu ilaalchiisee mindaan kiyyaa qarshii 40,000.00 (kuma afurtamadha) ani rakkoo qarshii osoo hin taane haala guddina isheettu naaf sirrachuu qaba jedheera. Ani osoon galii hin qabu ta'ees mucaa koo guddisuun danda'aan. Mindaa gahaan itti mucaa guddisuu qaba waan ta'eef akka naaf kennamu.

Falmii himatamtuu

Deebiin barreeffamaa keenyaa akka nuuf qabamu. Daa'imni haadha fi abbaa biratti guddachuun gaariidha. Manni Murtii galmee lakk. 01486 irratti Daa'imni haadha biratti haa guddatuu jedhamee murtaa'eera, garuu himatamaan jala Murtii kana hin diigsifne. Himataan ammaa jala Murtii kana jijjiirsiisuuf kan dhiheessee ji'a afur (4) hin taane, Sababiin dhihaatee mucaan kophaa jiraati, hojjattuun guddisaa jirti kan jedhudha. Himatamtuun hojjattuu Baankiitti, himatamtuun hojjattuu qaxxartee guddisaa jirti.

Akkaataa Murtii kennameen mucaa himataatti agarsiisuu hin dandeenyuu, deebii keenyaa akka sirreeffamu iyyannee jira. Daa'imni manatti itti cufamee oolti kan jedhu Daa'imni Mana kondoominamii keessaa jiraatu waan ta'eef manni Ooluun balaa hin qabu, caalattu gadi dhiisuutti balaa qaba waan ta'eef kun sababii hin ta'u. Mucaa gadii dhiisuun balaa qaba waan ta'eef murtii hin jijjiirsisu. Daa'mni waggaa afur (4) hin guune waan ta'eef mana barumsaa hin galchine. Mucaan kun osoo himataa biras taattee mana barumsaa hin gale. Daldalaan himataa akkamitti dorsiisa akka jiru ifa miti.

Falmii keessaa deebii himataa

Himatamtuun akkaataa Murtii kennameen natti agarsiisaa hin jirtu. Mucaan kiyyaa akka naaf kenamittu jedheera. Daldaltoonni namoonni kudha lama (12) mucaan kee harka keenyaarra jirti jechuun na dorsiisaa jiru. Himatamtuun anis mucaa koos ta'ee anas miidha jiru waan ta'eef mucaan na biratti akka guddaatu.

Abbaa Seeraa:- Raggaasaa Mootii

Himataan:- Dassaleeny Bayyanee Ittanaa--- dhihaate.

Himatamtuun:- Ganamee Maatiyoos Badhaasoo Abuk Lataa Jimaa ---- dhihaatte.

Galmeen kan buleef falmii afaanii caqasuudhaaf ta'ee, Manni Murtii galmee qorachuun himataan ammaa galmee lakk. 02061 irratti haala iddoo guddina Daa'imarratti murtii akka kennamuf kan gaafatee jiru fi himatamtuuun ammaa kun immoo fooyya'iinsa Qallaba fi falmii qabeenyaarratti akka murtiin kennamuuf kan gaafatte fi Manni Murtii galmee lamanu akka waliin ilaalamu dhaddacha gaafa guyyaa 26/10/2016 dhaddacha oolee ajaje kan jiru waan ta'eef akkaataa itti aanutti waa'ee haala guddina Daa'ima fi fooyya'iinsa Qallabaarrati akkaataa itti aanutti falmii bitaa fi mirgaa caqaseera.

Falmii himataa

Himanni kiyyaa galmee 02061 irratti dhiheessee naaf haa qabamu. Himatamtuun mucaa guddisaa hin jirtu, mucaan kiyyaa Mana barumsaa hin gale, Hojjattuu waliin manni itti cufamee mana keessaa oolti waan ta'eef mucaa sirnaan guddisaa hin jirtu. Himatamtuun mucaa kiyyaa daldalaan akka fudhatani Manni Gurguramee akka kaffalee mucaa fudhuu naaf bilbilaa jiru. Himatamtuun mucaa kiyyaa kuunsaa hin jirtu, akkan mucaa kana hin ilaalee na dhorkaa jirti. Mucaan keenyaa umriin ishee waggaa sadii (3) fi ji'aa lama (2) taatti. Mucaan kiyyaa hanga ammaatti hin dubbatu.

Ani Mucaa mana keessaatti nama itti qaxxaree mana barumsaa dhiheenyaa kiyyatti galcheen hordoofuu danda'aa waan ta'eef Mucaan na biratti guddachuu qabdi. Ani iddoon jiru fi Manni ani keessaa jiru iddoo nageenyummaa qabu waan ta'eef akka mucaan naaf kennamu jedhe. Himatamtuun mucaa natti agarsiisaa hin ture. Ani yaadoo mucaa koof jedhamee akka naaf kennamu.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula** 29.
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**
Guyyaa 17/11/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himataan- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannee falmii dhaga'uuf yoo ta'uu himatamtuun Abukatoon koo naaf hin dhiyane waan ta'eef bakka abukatoon koo jirtti falmachuun barbada waan ta'eef beelamni tokko naaf kennamee akkan abukatoo koo waliin dhiyadhu jettee jijirraa beelmaa tokko gaafatte jirti.

Himataan jijiraan beelamaa tokko yoo kenname mormii hin qabu garuu dhimmi daa'ima kootii xiyyeffannon akka naaf ilaalamun barbada jedhe jira.Kanaaf ajaja itti aanu kennine jirra.

Ajaja

- Bitaaf mirgi dhimmaa kunuunsaa fi guddissa daa'iimaa ilaalchisee iyyata dhiyeffatan irratti falmii afaaniif qopha'anii akka dhiyataniif himatamtuun abulatoo ishee waliin akka dhiyattu itti himamee jira.
- Falmii afaaniif beelamni gaafaa 03/12/2016 sa'aa 8:00.

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranneMormii sadarkaa duraa himattuun galmee lakka 02061 ta'ee irratti gaafaa 30/08/2016 kaaftee ilaalchisee duraan dhiyeffatee turte irratti mormii sadarkaa duraa wal fakkatu kaaftee manni murtii mormii sadarkaa duraa ka'ee kufaa godhee bira darbee kan jiru waan ta'eef jala murtiin irra deebi'amee kennamu hin jiru jennee bira darbinee ajaja itti aanu kennine jira.

Ajaja

Dhimmaa kununsaa fi guddissaa daa'imaan wal qabatee falmii ijoo irratti qorannee falmii afaaniif 17/11/2016 sa'aa 4:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 27**
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**
Guyyaa26/10/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranne jirra.Galmee kessa akka qorannetti galmeen lakk.02061 dhimma guddisaa fi kunuunsa daa'imaa irratti himattuf himatamaan wal falmaa wan jiraniif,galmee kana irratts himattuun dhimmi guddisaa fi kunuunsa daa'imaa irratti iyyata dhiyeffattee waan jirtuuf galmeen kun walqabatee ilaalamuu qaba jennee ajaja itti aanu kenninera.

Ajaja

- Galmeen Lakk.02061 irratti iyyanni himatamaan dhiyeffatte kunuunsaa I guddisa daa'imaa waliin kan wal qabatuu fi iyyanni iyyattuun kunuunsaa fi guddisa daa'imaan wal qabsiiftee galmee kana irratti iyyatte jirtu bakka tokkotti ilaalamee yoo murtii argateef haqa qabessumma waan qabuuf,murtiin kennamu illee akka wal hin fallesine waan fayyaduuf bu'uura s/d/f/h/h kew 11 tiin galmeewan kun bakka tokkotti akka ilaalaman jenne jirra.
- Galmee 02061 galmee kana waliin qorachuuf beelamni 04/11/2016/sa'aa 9:00.

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 26
Lakk.01486
Guyyaa-14/10/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmeen sababa baayina hojiin hin qoratamne.

Ajaja

Galmee kessa qorachuuf beelamni 26/10/2016 sa'aa 8:00.

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranne jira.Iyyata dhiyate irratti himataan deebii kennen galmeen kun gamee lakk.02061 ta'ee waliin akka walqabatee ilalamu gaafatee jira.Kanaaf Manni Murtii galmewwan kun lamaan wal bira qabamani ilaalamu qabu moo?mitii? kan jedhu irratti ajaja kenuf ajaja itti aanu kenne jira.

Ajaja

- Galmeen lakk.02061 ta'ee galmee kana waliin wal qabatee qorannof haa dhiyatu jenne jirra.
- Galmee kessa qorachuuf beelamni gaafaa 14/10/2016 sa'aa 8:30.

Abbaa Seeraa:- Raggaasaa Mootii

Himataa:- Obbo Dasaalenyi Bayyanaa ----- dhihaate.

Himatamtuun:- AaddeeGanamee Maatiyoos Abuk. Lataa Jimaa ----dhihaate.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja eegudhaaf ta'ee, himataan deebii gaafa guyyaa 23/09/2016 lakk. Galmee 01486 irratti fuula laman (2) barreeffamee fi tarree ibsa ragaa fuula tokko (1) dhiheessuun erga galmeen wal- qabatee booda gaheen himatamtuu dhaddachaarratti kennameefi jira.

Ajaja

1) Galmee qorachuuf beellamni 04/10/2016 sa'aatii 8:00

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Fuula 23**

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Lakk.01486**

Guyyaa-12/09/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –dhiyate

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelamame qorannof yoo ta'uu galmee kessa qoranne jira.Iyyata dhiyate irratti himataan deebii kennu qaba jenne himataan dhadacha irratti waan dhiyateef iyyata dhiyate qaqabsiifnee jira.

Ajaja

- Himataan iyyata dhiyate irratti deebii isaa haa dhiyeffatu.
- Deebii himataa eeguuf beelamni 23/09/2016 sa'aa 5:15

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

Fuula 22

Lakk.01486

Guyyaa-09/08/2016

A/seeraa Aannan Abbayyaa

Himattuun- Dassaleny Bayyanee Ittanaa –hin dhiyane

Himatamaan –Ganamee Maatiyoos Badhaasoo- dhiyatte

Galmeen kan beelama dura dhiyachuu danda'ee sababa himattuun iyyata gaafaa 30/08/2016 barreffameen iyyata waan dhiyeffateefi dha.Iyanni fuulaa lama fi ibsi ragaa fuulli tokko galmeen wal qabatee jira.

Ajaja

- Galmee qorachuuf 12/09/2014 sa'aa 9:30.

4. Bu'aa diiggaan gaa'ilaa hoordofsisuu qabeenyaa ilaalchisee bitaa fi mirgii qabeenya wal biraa qaban ammatti tarreessaa dhiyyessuu hin dandeenyu yeroon nuuf haa kennamu jedhanif qabeenyi qulqulleessan kan jiru yoo ta'e fuula dura qulqulleessuun gaafachuu mirgii eegamaadha jenneerra.
5. Galmeen murtii waan argateef cufinee gara mana galmee haa deebi'uu jenneerra.

mataa ishee kan qabdu waan ta'ef baasii qallabaa kana himataan hanga tokko yoo danda'ee kan hafe himattuun haguuguu dirqama qabdi.Kana yaada keessa galchuun Bu'uura Maanuwaalii Murteessa Qallabaa Daa'imaanii Manneen Murtii Oromiyaa bara 2013 fooyya'ee baheen qallabaa daa'ima isaani ilaalchisee galii qulqulluu himataa qarshii 15,423.38 x 21.539% daa'imaa tokkoo/100=qarshii 3,322(kuma sadii fi dhibba sadii fi diigdamii lama)waan ta'ef himataan ji'a Muddee bara 2016 irraa eegalee ji'a ji'aan hanga daa'imni tuni umrii gaa'ilaa geessutti himatamtuuf akka kafaluu,dabalataan baasii yaalaa yeroo daa'imni dhukkubsateetti akkuma haala isaatti himataa fi himatamtuun wal qiixa akka haguugaan,himataan daa'imaa isaa torbaan keessatti guyyaa 2 guyyaa isaanif mijataa ta'e argame ilaaluu fi waliin turuuf mirga qabu jechuun bu'uura Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 127tiin murteessineerra.

Ajaja

1. Gaa'iilli himataa fi himatamtuu tana gidduu jiru dhaaddacha guyyaa 01/06/2016 olee irraa eegalee bu'uura Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 110(1)tiin murtiin diigamee jira jechuun murteessineerra.
2. Himataan qallaba daa'ima isaani maqaan ishee Siinamoon Dassaaleny jedhamtu umriin ishee yeroo ammaa waggaa 2 fi ji'a 5 geesse tanaf hanga umrii gaa'ilaa geessutti ji'a Muddee bara 2016 irraa eegalee ji'a ji'aan qarshii 3,322(kuma sadii fi dhibba sadii fi diigdamii lama)himatamtuuf akka kafaluu,dabalataan baasii yaalaa yeroo daa'imni dhukkubsatteetti akkuma haala isaatti himataa fi himatamtuun wal qiixa akka haguugaan jechuun bu'uura Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 127tiin murteessineerra.
3. Himataan daa'imaa isaa torbaan keessatti guyyaa 2 guyyaa isaanif mijataa ta'e argame ilaaluu fi waliin turuuf mirga qabu jenneerra.

dhiirsaa fi nitiin waliin jiraachuuf fedhii fi heeyama waliini isaani kan barbaadu waan ta'ef gama kana bitaa fi mirgi kana booda akka dhiirsaa fi niititti mana tokko keessa waliin jiraachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu yaada isaani irraa waan mirkanaa'eef gaa'illi himattuu fi himatamaa kana gidduu jiru dhaaddacha guyyaa 01/06/2016 olee irraa eegalee bu'uura Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 110(1)tiin murtiin diigamee jira jechuun murteessineerra.

Diiggaa gaa'ilaa hordoofee dhimmi itti aanee fala argaachuu qabu guddinaa fi jireenya ijoollee gaa'ilaa hin geenyee yoo ta'uu qallabaa fi jireenyaa daa'ima isaani ilaalchisee daa'imni isaanii umriin ishee waggaa 5 gadi ta'uu isaa waan mirkanaa'eef bu'uura Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 127(3) haadha ishee himatamtuu bira jiraachuu waan qabduf bu'uuruma tumaa kanan haadha ishee himatamtuu bira akka jiraattuu jennee,qaallaba da'imaa himattuu bira jirattuu tanaf himatamaan immoo dirqama qallaba muruu qaba waan ta'ef,Manni murtiis qallaba yeroo murteessuu galii,umrii,haala fayyaa fi jireenya warraa fi ijoollees yaada keessa galchuu akka qabu Seeraa Maatii Oromiyaa Labsii Lakk/69/95 fi 83/96 keewwata 127(2)jalatti ifaan tumameera.Galii himatamtuu tanaa ilaalchisee xalayaa lakk/ZB/HC/G/28/1669 guyyaa 24/05/2016 Baankii Zamaan irraa barreeffamee galmeen wal qabateen mindaan qulqulluun harka ishee gahu qarshii 18,785.18/kuma kudha saddeetii fi dhirbbaa torbaa fi saddeetamii shan fi 18/100/ ta'uu isaa,akkasumas,galii himataa ilaalchisee xalayaa lakk/890/24 guyyaa 25/05/2016 Baankii Awwaash irraa barreeffameen mindaan qulqulluu himataa harka gahu qarshii 15,423.38/kuma kudha shanii fi dhibba afurii fi diigdamii sadii fi 38/100/ ta'uu isaa hubachisani jiru.Manneen Murtii qallaba daa'imaaf murteessan keessatti baasiwwaan bu'uuraa kanneen akka nyaataa,mana jireenyaa,uffataa,yaalumsaa fi barnootaa xiyyeeffannoo ol-aanaa kennuudhaan baasiwwaan kana haala haguuguu danda'uun murteessuu akka qaban Maanuwaalii Murteessa Qallabaa Daa'imaanii Manneen Murtii Oromiyaa bara 2013 fooyya'ee bahe keewwata 6 jalatti ifaan tumameera.Asi irratti kan hubatamuu qabu qallaba gareen tokko kafaalu qofaan daa'imaa guddisuun kan yaadamu akka hin taane hubachuun barbachisaa dha.Kanaf himatamtuunis akkuma olitti mirkanaa'ee galii mindaa

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef qorachuuf yoo ta'uu,qorannee gaa'ilaa irratti murtii asii gadii kennineerra.

Murtii

Murtii kanaf ka'uumsa kan ta'e himannaa himataan gaafa guyyaa 06/03/2016 barreeffame dhiyyeesse yoo ta'uu,himanni dhiyaates gababinaan:-ani fi himatamtuun ji'a Fulbanaa bara 2013 akkaataa amantaatiin wal fuunee Kutaa Magalaa Furii Aanaa Muudaa Furii keessa waliin jiraachuu jirru daa'imaa tokko maqaan ishee Siinamoon Dassaaleny jedhamtu umriin ishee waggaa 2.5 geesse horannee waliin qabnu yoo ta'uu,himatamtuun amala ishee natti jijjiruun hanga lubbuun koo darbutti nageesisaa jirtuf gaa'illi keenya diigaame,mirgii daa'imaa kiyya guddisuu fi kununsuu,yeroo yeroon ana garsisuu naaf murteessuu jechuun himannaa isaa hundeessee jira.

Himatamtuun gama isheen deebii guyyaa 28/03/2016 barreeffame dhiyyeessitteen himataa waliin wal fuunee daa'imaa umrii gaa'ilaa hin geenyee maqaan ishee ibsame waliin horannee qabaachuun keenya dhugaa dha.Himataan ana fi daa'imaa mana keessatti nu gatee gaafa guyyaa 16/12/2015 irraa eegalee demee jira.Kanaf haaluma gaafii isaatiin gaa'illi keenyaa diigaamee qallaba daa'imaa gahaa ji'a ji'aan akka naaf kafaluu naaf murtaa'uu jechuun deebii laatteerti.

Manni murtiis falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda bitaa fi mirgii dhimma isaani maanguddoo araaraan akka xumuraan yaalii godhee sababa bitaa f mirgii fedhii9 hin qabneef milkaa'uu hin dandeenye.Dabalataan bultiin isaani diigamuun duratti bitaa fi mirgii deebisaani akka itti yaadaan yeroo yaalii gahaa kan kenneef ta'uus bitaa fi mirgii waligaluun yaada diiggaa gaa'ilaa isaani jijjiruu hin dandeenye.Gaa'illi tokko immoo raggaa'ee itti fufuu kan dandaa'uu

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,xalayaa lakk/ZB/HC/G/28/1669 guyyaa 24/05/2016 Baankii Zamaan irraa barreeffame hiika waliin fuula 2,xalayaa 890/24 guyyaa 25/05/2016 Baankii Awwaash irraa barreeffame hiika waliin fuula 2 dhiyaatee galmeen wal qabatee jira.Bitaa fi mirgii gaa'ilaa isaani ilaalchisee itti yaadani kan dhiyaatan ta'uus yaada diiggaa gaa'ilaa isaani wanti jijjirsisuu uumamee kan hin jirre ta'uu isaa dhaaddacha irratti gareen lachuu hubaachisaani jiru.Bitaa fi mirgii erga addan bahaani kophaa kophaa jiraachuu jalqabani ji'a 6 kan gahe ta'uu isaa dhaaddacha irratti haalli ibsaan yeroo gahaa itti yaadaan akka argaatan kan garsisuu waan ta'ef yeroo kana keessatti yaada isaani jijjiiruu dhabuun isaani ammas yeroon dabalataa kan kennamuuf ta'uus bu'aa ni fidaa amantaa jedhu manni murtiis waan hin qabnef yeroo yaalii dabalataa kennuu bira darbinee ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

Galmee keessa qorannee gaa'ilaa isaani irratti murtii kennuuf.

Beellama:-01/06/2016 S/B 8:30

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,bitaa fi mirgii gaa'ilaa isaani ilaalchisee itti yaadani kan dhiyaatan ta'uus yaada diiggaa gaa'ilaa isaani wanti jijjirsisuu uumamee kan hin jirre ta'uu isaa dhaaddacha irratti gareen lachuu hubaachisaani jiru.Kanaf ammas yeroo qaban kana keessatti bitaa fi mirgii waa'ee bultii isaani itti yaadaani akka dhiyaatan yeroo dabalataa kennuun barbachisaa ta'ee argameef ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja


1. Bitaa fi mirgii bultiin isaani seeraan diigaamuun duratti ammaas itti yaadani akka dhiyaatan yeroo deebisaani yaadu kennineefi jirra.
2. Baankiin Zaman Damee Sabbataa himatamtuun hojjaattuu waajjirra isaani ta'uu fi dhabuu isaani qulqulleessuun,hojjaattuu waajjira isaani yoo taate mindaan ishee bu'uuraa fi mindaan qulqulluun harka ishee gahu meeqa akka ta'e qulqulleessuun bu'aa isaa barruun gaabasa akka godhan ajajni haa barreeffamuuf jenneerra.
3. Baankii Awaash Waajjirri Muumiichaa himataan kuni hojjataa isaani ta'uu fi dhabuu qulqulleessuun hojjaataa isaani yoo ta'e mindaan bu'uuraa fi qulqulluun harka isaa gahu qarshii meeqa akka ta'e qulqulleessuun bu'aa isaa barruun gaabasa akka godhan ajajni haa barreeffamuuf jenneerra.
4. Bu'aa ajaja olii eeguuf.

Beellama:-27/05/2016 S/B 8:00

Ajaja

1. Mormii sadarkaa duraa himatamtuun manni murtii kuni dhimma kana itti fufee ilaaluuf aangoo hin qabu jechun kaaste bu'uura S/D/F/S keewwata 7(1),8(1),244(2)(C)fi 245(2)tiin kufaa godhuun bira darbinee falmiin dhimma haadhoo irratti akka itti fufuu jenneerra.
2. Himataan qallaba himattuu fi daa'imaa akkuma duraan kennaa turuu isaa ibsameetti hanga dhimmi isaani xumura argaatutti itti fufee akka kennuuf jenneerra.
3. Bitaa fi mirgii bultiin isaani seeraan diigaamuun duratti itti yaadani akka dhiyaatan yeroo deebisaani yaadu kennineefi jirra.
4. Bu'aa ajaja olii eeguuf.

Beellama:-17/05/2016 S/D 3:30



Falmii himataa:-Himatamtuu tana waliin bara 2013 keessa akkaataa mantaa keenyaatti wal fuunee yeroo waliin jirru kana keessatti daa'imaa takka umrii gaa'ilaa hin geenye dhallee qabna.Erga fuudhaa heeruma keenyaa raawwannee booda himatamtuun iftoomina hin qabne fi wal amanuu hin dandeenyef jecha,yeroo hedduu nu giddutti wal dhabbiin ka'aa ture fi namoonnis gaa'ilaa keenya gidduu seenuun rakkoo nu irra gahaa jira.Himatamtuun amala ishee kan sirreessitu yoo ta'e daa'imaa keenya ammas waliin guddifachuuf fedhii ni qaba.Kan diduu yoo ta'e garuu haala kanan ishee waliin jiraachuu waan hin barbanneef bultiin keenyaa diigamuu naaf murta'uu jechuun falmee jira.

Falmii himatamtuu:-himataan abbaa manaa kiyaa fi ilmoosnis teenyaa ta'uun dhugaa dha.Himataa kana waliin waggaa 2 fi ji'a 11 gahuf yeroo waliin jiraanne kana hunda amantaa ana irraa hin qabu.Daa'imni tuni tiyyaa miti deemii abbaa dhalteefi waliin jiraadhu hanga sadarkaa jedhutti kan deeme jiru waan ta'ef nama amantaa ana irraa hin qabne waliin jiraachuu waan hin barbanneef,maatii kiyyas akka diinaatti nama lakka'uu waan ta'ef haala kanan isa waliin jiraachuu waan hin barbanneef bultiin keenya akka diigamee qallabni daa'imaa naaf murtaa'uu jechuun falmittee jirti.

Gama biraan yeroo ammaa himatamtuun sababa sodaa isaa qabuuf jecha manaa bahee kophaa mana kireeffadhee jiraachuu jiruf ani iddodhuma sana turu barbaaduuf qallaba daa'imaas erga himannaa banes ta'ee sana duraa naaf ergaa jira garuu hanga dhimmi keenyaa xumua argaatutti akka jeequmsa ana irratti hin kaasne jechuun yaada ishee laattee jirti.

Bitaa fi mirgii dhimma isaani maanguddoo araaraan akka xumuruun gorsii barbaachisaan kan godhameef ta'uus sababa himatamtuun fedhii hin qabnef milkaa'uu kan hin dandeenye ta'uu isaa waan hubanneef maanguddummaa bira darbinee ajaja asii gadii kennineerra.

dhiyyeessitte ta'uu isaa ragaa barruu dhiyaatee kana irraa kan mirkana'ee waan ta'ef kunis himanni mana Murtii Kutaa Magaalaa Furitti dhiyaate kan dursa banamee dhimmichi ilaalamaa sadarkaa falmii irra kan jiru ta'uu isaa bakka mirkanaa'ee jirutti,himanni haariroo haawwasaa tokko immoo mana murtii hariiroo haawwasaa tokko olitti yeroo tokkotti ilaalamuu kan hin dandeenyee fi dhimmichis erga himanni dhiyaatee falmiin sadarkaa Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furiitti dhagahuu jalqabee booda himatamtuun himannaa ishee sadarkaa Mana Murtii Federalaa Sadarkaa Jalqabaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo ta'e irratti Lakk/G-195054 ta'e dhiyaatee ilaalamaa jiraachuun isaa fallaa tumaa S/D/F/S keewwata 7(1) fi 8(1)ta'uu isaa kan mirkaneessuu dha.Kanaf Mana Murtii Federalaa Sadarkaa Jalqabaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo falmii dhiirsaa fi niitii himataa fi himatamtuu kana gidduutti ka'e kana ilaalchisee dhimmuma kanan erga Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii dhimmichii isaaf dhiyaatee galmeen banamee beellama qabsisuun falmii ilaaluu jalqabee sadarkaa dhagaha irra gahee booda himannaa 2ffaa kan isaan biratti himatamtuun ammaa banattee ilaalaa jiran ta'uu isaa mirkana'eef bu'uura S/D/F/S keewwata 7(1) fi 8(1) tiin dhimma falmii haariroo haawwasaa tokko immoo yeroo tokkotti mana murtii haariroo haawwasaa tokkoo olitti ilaalamuu fi dhiyaachuu hin dandeenye fi manni murtii dhimma kana irratti dursee ilaaluu jalqabe aangoo dhimmicha xumuruu kan qabu ta'uu isaa mirkana'eef Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii dhimma falmiin irratti ka'e kana Mana Murtii Federalaa Sadarkaa Jalqabaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo dursee ilaaluu kan jalqabee fi ammas ilaalaa jiru dhimma beellama irra jiru waan ta'ef dhimmicha itti fufee ilaaluuf aangoo ni qaba jechun mormii sadarkaa duraa gama kanan himatamtuun manni murtii kuni aangoo hin qabu jechun kaaste bu'uura S/D/F/S keewwata 7(1),8(1),244(2)(C)fi 245(2)tiin kufaa godhuun bira darbinee falmiin dhimma haadhoo irratti akka itti fufuu jenneerra.

Falmiin kuni falmii maatii dhiirsaa fi nitiii waan ta'ef jecha beellamamu kana irratti falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun fala yeroo itti kennuun barbachisaa ta'ee argameef akka itti aanuutti falmii bitaa fi mirgaa dhageenyeerra.

Mormii sadarkaa duraa 2ffaa dhimmi kuni mana murtii birotti ilaalamaa jira jechun ka'e ilaalchisee himanni falmii haariroo haawwasaa tokko ilaalamuu kan qabu manuma murtii haariroo haawwasaa tokko qofatti akka ta'e,akkasumas,dhimmi falmiif sababa ta'e tokko yoo ta'e ykn walfakkataa ta'ee ijoon dubbii murtiif qabamees tokko yoo ta'e,akkasumas,wal falmittoonni walfakkaataa ykn tokko yoo ta'aan fi himanni falmii harirroo haawwaaa mana murtichaaf dhiyaatee dhimichi dhagahamuu jalqabee beellama irra kan jiru manni murtii biroo ofitti fuudhee falmisisuu akka hin dandeenye S/D/F/S keewwata 7(1) fi 8(1)jalatti bifa dirqisisaa ta'en ifaan tumameera.Kanumaan gama dhimmi harkaa qabnutti yeroo deebinu dhimma falmii diiggaa gaa'ilaan wal qabatee himataan himannaa isaa Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii irratti dhiyyeessee galmee kana irratti ilaalamaa kan jiru ta'uu isaa,dhimmuma kanan himatamtuunis himannaa ishee Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo ta'etti irratti dhiyyeessittee ilaalamaa kan jiru ta'uu qabxii bitaa fi mirgaan amaname dha.Manni murtiis qabxii kana qulqulleessuuf,himanni himatamtuun dhiyyeessitts yoom akka dhiyaate fi seerummaan isheen gaafatte adda baasuuf galmeen bitaa fi mirgii irratti wal falmaa jiran akka dhiyaatu ajaja kennameen garagalchii galmee Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo Lakk/G-195054 ta'e dhiyaatee galmeen wal qabatee irraa hubatamutti himatamtuun seerummaa diiggaa gaa'ilaa,qallaba daa'imaa fi qooddii qabeenya dabalatee himannaa ishee gaafa guyyaa 10/03/2016 barreeffame dhiyyeessittee galmeen mana murtichatti guyyaa 12/03/2016 banameefi falmii irra kan jiran ta'uu garagalcha galmee kana irraa mirkana'eera.Himataan immoo Mana Murtii Aanaa Kutaa Magalaa Furii kanatti galmeedhuma kana irratti himannaa isaa gaafa guyyaa 06/03/2016 barreeffame dhiyyeessee himanni isaa guyyaa 07/03/2016 mana murtii kanatti banameefi adeemsa falmii irra kan jiru ta'uu galmicha irraa mirkana'eera.Galmee lachuu wal bira qabnee yeroo madalluu falmidhuma wal fakkataa falmii dhiirsaa fi niitii diiggaa gaa'ilaa fi bu'aa diigaan gaa'ilaa hordofsisuun wal qabatuu ta'e kanan erga himataan himannaa isaa mana murtii kanatti banatee guyyaa 6 booda himatamtuun himannaa ishee mana murtii federalaa sadarkaa jalqabatti kan

keessatti himataan yeroo ammaa eessa akka jiraatu hin beeku jechun kan ibsitte yoo ta'uu,himataan immoo yeroo ammaa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee kan jiraatu ta'uu isaa fi sababa himattuun Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii keessa jiraachaa jirtuuf himannaa isaa kan asitti dhiyyeesse ta'uu isaa yaada laateen ibsee jira.Himatamtuunis dabalataan dhaaddacha guyyaa 02/04/2016 oleen yaada laatteen yeroo ammaa Kutaa Magaalaa Furii Kondominiyeemi Keenterii jiru kireeffattee jiraachaa kan jirtuu fi hojii ishee immoo Baankii Zamaan Damee Sabbataa keessa hojjaachaa kan jirtu ta'uu yaada laatte irra mirkana'eera.Akka qajeeltootti himanni kamiyyuu iddoo jireenya himatamaatti ykn hojii dhuunfaa(daldalaa) faayidaaf itti hojjetutti dhiyaachuu akka qabu S/D/F/S keewwata 19 jalatti ifan tumamee jira.Akkasumas,iddoo jireenyaa nama tokko kan jedhamu yeroodhaaf iddoo jiraachaa jiru sana ta'uu isaa,namni tokko yeroo tokkotti iddoo jireenyaa dhaabbataa hedduu qabaachuu akka hin dandeenye S/H/H keewwata 174 fi 186 jalatti ifaan tumameera.Kanumaan gama dhimma harkaa qabnutti yeroo deebinu himattuu fi himatamaan kuni fuudhaa heeruma isaani Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 keessatti haa raawwatani malee yeroo ammaa erga wal dhabanii addan deeman booda himatamtuun Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii kondominiyeemi Keenterii jiru kireeffattee jiraachaa kan jirtuu fi hojii ishee immoo Baankii Zamaan Damee Sabbataa keessa hojjaachaa kan jirtu ta'uu jecha isheen kennittee irraa ifatti kan mirkana'ee waan ta'ef himataan bu'uura S/D/F/S keewwata 19 tin iddoo himatamtuun jiraachuu jirtu fi hojii ishee hojjachuu jirtu adda baasuun mana murtii kanatti himanni dhiyyeesse bu'uura seeraa kan qabu waan ta'ef,akkasumas,falmiin dhiirsaa fi niitii giddutti ka'u ilaaluuf aangoo sadarkaa jalqabaa kan qabu Mana Murtii Aanaa iddoo wal falmittoonni keessa jiraataan keessatti argaamu waan ta'ef kana irraa ka'uun Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii dhimma kana ilaaluuf aangoo ni qaba.Kanaf mormii sadarkaa duraa himatamtuun manni murtii kuni dhimmi kana ilaaluuf aangoo hin qabu jechun kaaste bu'uura seeraa fi deegarsa ragaa waan hin qabnef bu'uura S/D/F/S keewwata 245(1)kufaa godhuun bira darbineerra.

Finfinnee jiraachaa hin jirtu.Ana fi himatamtuun waamicha ammaan Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii isa duraatiin immoo Jamoo Lakk.3 keessa turre sababa wal dhabbiin gidduu keenyatti ka'ef gaafa guyyaa 15/12/2015 waan ta'ef ammatti ji'a 4 gahee jira.Ani himataan yeroo ammaa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee keessaan jiraachuu jira.Sababa himatamtuun Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii kana jiraachaa jirtuf asitti himachuu kan dandaa'e.Himatamtuun yeroo waliin Kutaa Magaalaa Furii keessa kireeffannee jirrus waraqaa eenyummaa kana ni qabdi waan ta'ef kuni immoo jiraattuu Magaalaa Finfinneeti kan nama jechisisuu miti.Kanaf manni murtii kuni dhimmi kana ilaaluuf aangoo waan qabuf mormiin ishee kufaa akka ta'u.Mormii 2ffaa ilaalchisee himatamtuun erga ani himannaa kana asitti banee booda Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftotti Lakk/Galmee 195054 ta'e irratt dhiyyeessittee himanni kan ana gahe.Ani Kutaa Magaalaa Finfinnee keessaas hin jiraadhu.Kanaf mana murtii kuni dhimmi kana ilaaluuf jalqabee kan jiru waan ta'ef mormiin ishee kufaa ta'ee akka falmiin keenyaa asumatti itti naaf fufuu jechuun yaada isaa laatee jira.

Manni murtiis yaada bitaa fi mirgaa dhiyaate seera dhimmichaf rogummaa qabu waliin wal bira qabuun galmiicha keessa kan qoraate yoo ta'uu,akka qoranneettis,mormii sadarkaa duraa aangoo waliin wal qabatee ka'e ilaalchisee himataa fi himatamtuun Ji'a Fulbaanaa bara 2013 yeroo fuudhaa heeruma isaani raawwatan irraa eegalee hanga wal dhabbiin gidduu isaanitti uumaame jedhameetti manuma tokko keessa Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 keessa kan jiraataa turan ta'uu himatamtuun ibsitee kanafis immoo waraqaa eenyummaa 01/02/2014 isheef kenname akka ragaatti kan dhiyyeessitte ta'uus waraqaan eenyummaa kuni teessoo dhaabbii ishee kan mirkaneessuu miti.Sababnis himatamtuun yeroo ammaa himanni dhiyachuun dura irraa jalqabee Kutaa Magalaa Furii Aanaa Muudaa Furii kondominiyeemi Keenterii jiru kireeffattee jiraachaa kan jirtuu fi hojii ishee immoo Baankii Zamaan Damee Sabbataa keessa hojjaachaa kan jirtu ta'uu haalli falmii ishee keessatti ibsite waraqaan eenyummaa ishee iddoo jireenyaa dhaabbii ishee kan ibsine ykn mirkaneessuu hin dandeenye ta'uu isaa kan mirkaneessu dha.Himatamtuun deebiidhuma ishee

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef qorachuuf yoo ta'uu,galmee keessa qorannee mormii sadarkaa duraa ka'e irratti jala murtii asii gadii kennineerra.

Jala murtii

Jala murtii kanaf ka'uumsa kan ta'e himannaa himataan gaafa guyyaa 06/03/2016 barreeffame dhiyyeesse bu'uura godhachuun himatamtuun deebii guyyaa 28/03/2016 barreeffame dhiyyeessittee keessatti mormii sadarkaa duraa kan kaaste yoo ta'uu,mormiin ka'es gababinaan:-1ffaa-ana fi himataan erga gaafa guyyaa 03/01/2013 gaa'ilaa raawwannee kaasee hanga gaafa 16/12/2015 himataan mana gadii lakkisee bahutti Magalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 keessaa waliin jiraachaa turref,yeroo ammaa himataan bakka jiraatu kan hin beekne yoo ta'uu,ani immoo Magaalaa Finfinnee keessa jirachaa jiruf,himataa waliin Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii keessa waliin jirannee hin beeknee fi iyyanni diiggaa gaa'ilaa immoo iddoo gaa'illi itti raawwatameetti dhiyaachuu qabuf manni murtii kuni dhimma kana ilaaluuf aangoo waan hin qabnef kufaa akka naaf ta'u.

2ffaa-Iyyanni diiggaa gaa'ilaa iddoo fuudhaa heerumni itti raawwatame fi wal fuutoonni jiranitti dhiyaachu waan qabuf bu'uura kanan himannaa kiyyas yeroo ammaa mana murtii iddoo teessoo kiyyaa kan ta'e fi aangoo dhimmi kana ilaaluu qabu Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo ta'etti galmee Lakk/G-195054 ta'e irratti himannaa dhiyyeessee ilaalamaa jiruf dhimmi tokko immoo yeroo tokkotti mana murtii lamatti dhiyaachuun ilaalamuu waan hin dandeenyef himanni mana murtii kanatti dhiyaatu kuni akka ana irraa cuufamu jechuun mormii sadarkaa duraa ishee kaasuun ibsittee jirti.

Himataan gama isaan mormii sadarkaa duraa ka'e irratti yaada laateen himatamtuun teessoon kiyya Magaalaa Finfinnee Kutaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 haa jettuu malee qabatamaan

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef qorachuuf yoo ta'uu,galmee keessa kan qorannee ta'uus bitaa fi mirgii dhimmuma kanan mana murtii adda addaa lamatti wal falmaa kan jiraan ta'uu isaa waan hubanneef falmiin itti fufee murtiin kan kennamu yoo ta'e murtii wal falleessuu fi raawwiifis rakkisaa ta'uu kan taasisuu waan ta'ef galmee lamaan keessaa tokko qulqullaa'ee kan cufamuu qabu waan ta'ef,kanas immoo himataan iyyannaa dhimmi kanan wal qabaatu mana murtii himatamtuun himannaa dhiyyeessittee jirtutti dhiyyeessee mormiin ilaalamaa jiruf bu'aa sana eeguun galmee kana irratti ajaja barbachisaa ta'e kennuuf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

Galmee keessa qorannee mormii sadarkaa duraa ka'e irratti jala murtii kennuuf.

Beellama:-08/05/2016 S/B 8:30

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,garagalchi galmee Lakk/G-195054 ta'e Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftoo irraa dhiyaatee hiika waliin fulli 21 dhiyatee galmeen wal qabatee jira.Kanaf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

Galmee keessa qorannee mormii sadarkaa duraa ka'e irratti jala murtii kennuuf.

Beellama:-16/04/2016 S/B 8:30

gaggeeffamaa ture kana manni murtii kuni ragaaf waan barbaaduuf galmee guutuu isaa baasii himatamtuun koppii godhuun poostaan saamsuun gama himatamtuun akka ergan ajajni haa barreeffamuuf jenneerra.

2. Bu'aa ajaja olii eeguuf.

Beellama:-08/04/2016 S/D 5:30

iddoo keenterii jedhamu kondominiyeemi kireeffattee Baankii Zamaan Damee Sabbataa keessa hojjaachaa kan jirtu ta'uu dhaaddacha irratti ibsitee jiti.

kanuma bu'uura godhachuun mormii sadarkaa dura agama himatamtuun ka'e kana irratti yaada himataa akka itti aanuutti dhageenyeerra.

Yaada himatamaa:-Himatamtuun teessoon kiyya Magaalaa Finfinnee Kutaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 haa jettuu malee qabatamaan Finfinnee jirrachaa hin jirtu.Ana fi himatamtuun waamicha ammaan Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii isa duraatiin immoo Jamoo Lakk.3 keessa turre sababa wal dhabbiin gidduu keenyatti ka'ef gaafa guyyaa 15/12/2015 waan ta'ef ammatti ji'a 4 gahee jira.Ani himataan yeroo ammaa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee keessaan jiraachuu jira.Sababa himatamtuun Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii kana jiraachaa jirtuf asitti himachuu kan danda'e.Himatamtuun yeroo waliin Kutaa Magaalaa Furii keessa kireeffannee jirrus waraqaa eenyummaa kana ni qabdi waan ta'ef kuni immoo jiraattuu Magaalaa Finfinneeti kan nama jechisisuu miti.Kanaf manni murtii kuni dhimmi kana ilaaluuf aangoo waan qabuf mormiin ishee kufaa akka ta'u.

Mormii 2ffaa ilaalchisee himatamtuun erga ani himannaa kana asitti banee booda Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftotti Lakk/Galmee 195054 ta'e irratt dhiyyeessittee himanni kan ana gahe.Ani Kutaa Magaalaa Finfinnee keessaas hin jiraadhu.Kanaf mana murtii kuni dhimmi kana ilaaluuf jalqabee kan jiru waan ta'ef mormiin ishee kufaa akka falmiin keenyaa asumatti itti naaf fufuu jechuun yaada isaa laatee jira.

Manni murtii kunis mormii ka'e irratti jala murtii kennuun duratti himannaa ishee yoom dhiyyeessittee akka banameef,dhimmichi sadarkaa maal irra akka jiru galmee Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftotti Lakk/Galmee 195054 ta'e guutuu dhiyyeessuun qulqulleessuun barbaachisaa ta'ee argameef ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

1. Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftotti Lakk/Galmee 195054 ta'e irratti falmii himataa fi himatamtuu kana guddutti ammaa dura

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef qorannee dhagaha duraa gaggeessuuf yoo ta'uu,waraqaa eenyummaa guyyaa 01/02/2014 himatamtuuf kennameef ta'uu garsisuu hiikni isaa fuulli tokko dhiyaatee galmeen wal qabatee jira.Kanumaan galmee keessa qorannee akka ilaalleetti himatamtuun deebii barruun dhiyyeessitte keesatti mormii sadarkaa duraa kan kaaste ta'uu isaa waan hubanneef falmii ijootti seenuun dura mormii sadarkaa duraa ka'e kana irratti yaada garee fallaa dhagahuun jala murtii irratti kennuun dirqaama ta'ee argameera.Mormiin gama himatamtuun ka'es gababinaan:-1ffaa-himataan iyyannoo isaa keessatti himatamtuu waliin Fulbana bara 2013 gaa'ila raawwatuun Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Muudaa Furii keessa jirachaa akka turreetti ibsee kan jiru ta'uus dhugaan jiru ani fi himataan erga gaafa gaa'ilaan walitti dabalamnee kaasee hanga hanga gaafa 15/12/2015 himataan mana gadi lakkiseetti Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Niifaas Siilk Laaftoo Aanaa 02 keessa waliin jiraachaa turref jecha diiggaan gaa'ilaa iddoo gaa'illi raawwatametti ykn iddoo teessoo walfuutootaatti dhiyaachuu waan qabuf teessoon kiyyas Magaalaa Finfinnee keessa waan ta'ef manni murtii kuni dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu jechun himanni isaa mormii sadarkaa duraan kufaa akka naaf ta'u jechun mormii sadarkaa duraa kan dhiyyeessitte yoo ta'uu,

2ffaa-Iyyannaa diiggaa gaa'ilaa iddo teessoo nuti wal fuutoonni jirru fi fuudhaa heeruma keenya tti raawwanneetti dhiyaachuu waan qabuf Mana Murtii dhimmi keenya ilaaluuf aangoo qabu Mana Murtii Sadarkaa Jalqaabaa Federalaa Dhaaddacha Niifaas Siilk Laaftotti Lakk/Galmee 195054 ta'e irratt dhiyyeessee ilaalamaa kan jiru waan ta'ef dhimmi tokko mana murtii lamatti ilaalamuu waan hin dandeenyeef himanni kuni kufaa akka naaf ta'u jechun mormii ishee dhiyyeessittee jirtu waan ta'ef,dabalataan,himatamtuun yeroo ammaa Kutaa Magaalaa Furii

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamtuun-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-dhiyaatte.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,himatamtuun deebii guyyaa 28/03/2016 barreeffame fuula 2x3 fi ibsa ragaa fuula 1x3 fi ragaa barruu ibsa ragaa keessatti ibsame fuula 1x3 dhiyyeessittee galmeen wal qabatee gaheen himataa dhaaddacha irratti himataaf kennamee jira.Kanaf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

1. Himattuun ragaa barruu waraqaa eenyummaa ishee gara afaan hojii naannichaatti hin hikiisisne waan ta'ef hiiksistee beellama irratti qabattee akka dhiyaattu jenneerra.
2. Galmee keessa qorannee dhagaha duraa gaggeessuuf.

Beellama:-02/04/2016 S/D 5:30

Abbaa Seeraa-Abbee Kadiir Haajii

Himataan-Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa-dhiyaate.

Himatamaan-Ganamee Maatiyoos Badhaasoo-hin dhiyaanne.

Galmeen kan buleef bu'aa ajaja olii eeguuf yoo ta'uu,himataaan dhaaddacha irratti dhiyyaatee sababa himatamtuu tana teessoo isheen barbaadee argachuu hin dandeenye fi ana jalaa dhookachaa jirtuf xalayaa waamichaa fi garagalcha himannaa dhaqabsisuu hin dandeenye waan ta'ef gama baankii Zaman Damee Sabbataatti ajajni akka naaf kennamu jechuun gaafatee jira.Dabalataan asi oluu isaaf ragaan akka waajjira isaaf kennamu himataan gaafatee jira.Kanaf ajaja asii gadii kennineerra.

Ajaja

1. Baankiin Zamaan Damee Sabbataa himatamtuun himatamuu ishee beektee deebii ishee barruun qabattee akka dhiyaattu xalayaan waamiichaa garagalcha himannaa waliin gama waajjira isaanin ishee dhaqabsisuun dhaqabsisuu isaani immoo bu'aa isaa barruun gaabasa akka godhan ajajni haa barreeffamuuf jenneerra
2. Himataan guyyaa beellamaa kana asi oluu isaaf qaama dhimmi ilaaluuf ragaan haa barreeffamuuf jenneerra.
3. Bu'aa ajaja olii eeguuf.

Beellama:-28/03/2016 S/D 4:30

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti, **Lakk.Gal.** 01486
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii **Guyyaa.** 07/03/2016

O/seeraa;- Bungulee Korbuu

Himataan/ttuun/ttonni 1, Obs. Ayyaantuu Bayyanee Ittaanaa

2,

3,

Himatamaan/mtuun/ttoonni 1, Ad. Gammachuu Mootiyaas

2,

3.

Galmeen kun banamuu kan danda'eef sababa himataan/himattuu/himattoonni /Iyyattoonni himata Iyyataa isaanii kan gaafa guyyaa 06/03/16 barreeffamee **fuula** 01 (tokko) fi ibsa ragaa **fuula** 1 (tokko) fi ragaa barreeffamaa adda addaa **fuul** 2 (—) waligalatti **fuula** 02 (lama) waan dhiyeeffatee/ttee/fatanii jiraniif Kanfaltti Abbaa seerummaa **qarshii** 27 (digdamtamii) **Lakk.Nagahee** 0727779119 galmeen banamee jira.

AJAJA

- Himataan/ttuu/ttoonni bu'uura himaannaa isaa/ishee/isaanii barreffamaan dhiyeeffatte/te/ttanii waan jirtaniif himatamaa/mtuu/toonni deebii isaa/ishee /isaanii barreeffamaan qabatanii akka dhiyaatan jedhamee deebii isaanii kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e debii dhiyeeffachuun isaanii bira darbamee falmiin itti fufee murtiin kan kennamu ta'uu deebii isaanii akka dhiyeeffatan beellamaa gaafa guyyaa 17'03·2016 sa'a 8 :00 irratti Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii ajaje jira.

Guyyaa 01/06/2017
Lakk.AB/FIN/0165/2017

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritti,
Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii
Dhaddacha Dhimma Maatii fi Daa'immaniitiif
Shaggar

Dhimmi :-Ragaa Kennuu ilaala.

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalameetti gaafa guyyaa 27/05/2017 Lakk Xal.ፆጠ.ቁ.01486 xalayaa baankii keenya damee Finfinneef barraa'een manni jireenyaa lakk kaartaa isaa 14/774/99 ta'e gaafa guyyaa 13/01/2015 kenname maqaa iyyataa Dassaalany Bayyanaa bitame ilaalchisee manni kun liqii qarshii meeqa akka ta'e iyyataaf kan bitame idaan isaan irra jiruuf kan hanga amma kanfalame meeqa akka ta'e fi idaan hin kanfalamiin jiru meeqa akka ta'e qulqullesssine xalayaan akka isin beeksisnu nu gaafachuun keessan ni yaadatama.

Haa ta'u malee hojata baankii keenya kan turan Dassaalanyi Bayyanaa liqaa baankii keenya irra hayyamameefin bitta manaa raawwataniin liqaa gaafa guyyaa 28/09/2022 A.L.A tti liqaa kan fudhataniifii liqaan hayyamameef 2,146,000.00 (Qarshii Miliiyoona lamaaf kuma dhibba tokkofi Afurtamii jaha qofa) yoo ta'u hanga ammaa kan isaan kanfalan 47,006.89 (Qarshii Kuma afurtamii torbaaf jaha fi saantima Saddeettami sagal) hafteen isaan irra jiru 2,098,993.1(Qarshii Miliyoona lama fi Kuma Sagaltamii sadeetiif dhibba sagaliif sagaltamii sadii fi saantima kudhan) ta'u isin beeksisaa ragaa biraa yeroo barbaaddanitti qulqullessinee kan isin beeksifnu ta'uu isaa gamanumaan isin beeksifna.

Nagaa wajjiin

Obbo Darrasaa Tolaa
Itti gaafaatamaa tajaajila maamiltootaa
Damee Addaa Finfinnee

Bul.Moot.Naannoo Oromiyaatti
Waajjira Lafaa Bulchiinsa
Magaalaa Sandaafaa Bakkee

Lakk 5B/ULL/774/99
Guyyaa 30/05/2017 384

Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggaritii ,mana murtii Aanaa kutaa magaalaa Fururitti Dhaddacha Dhimmaa Maatii fi Daa'immanii tiif

Fuurii

Dhimmi; - Ragaa Isinii Erguu Ilaala.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti Xaalayyaa Lakk-Gal 01486, gaafa guyyaa 27/05/2017 nuuf barreessitaniin qabeenyi mana jireenyaa bulchiinsa magaalaa sandaafa bakkee keessa maqaa Obboo Dassalanyi Bayyaanatiin jiraachuu dhiisuu akka ququlleessinu nu gaafattani jirtu. Kanaafuu qabeenyi mana jireenyaa lakk kaartaa 14/774/99 gaafaa 14/01/2015 fi bal'inni isaa 200m2 ta'e maqaa obbo Dassalanyi Bayyaanatiin galmaa'ee kan jiruu fi qabeenyi kun dhorka liiqi bankii qarshii 2146000 (miliyonaa lamaa fi kumaa dhibba tokkof kumaa afurtamii jahaa) kan ofii irraa qabu fi manaa guddaa tokkoo fi serivisii kan ofirraa qabu ta'uu kabajaan isin beeksifna.

Cimdii Fayyisaa Fakkaansaa
01/08/17

Lakk. Addaa/ቤሪ ቁጥር/Ser. No 0283179 0283179



Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
Oromia Regional Government
Biiroo Bulchiinsa fi Itti Fayyadama Lafa Oromiyaa
የኦሮሚያ መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ቢሮ
Oromia Land Administration and Use Bureau
Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Lafa Liiziin qabame
የሊዝ መሬት ይዞታ የምስክር ወረቀት
Lease Land Holding Certificate

Labsii lakk. 721/2004 fi Dambii lakk. 182/2008 Lafa Magaalaa Liiziin bulchuuf bahe irraatti hunda'uudhaan lafa M² 200 Bulchiinsa Magaalaa Sandaafa Bakkee keessatti argamu Obboo/Adde/ Dhaabbata Dassaalaaf Bayyaana Ffaannaa f aajila Mana Tiksaa f waggaa 54 f waggaatti qarshii 1,070.87 kafaluudhan akka liiziin itti fayyaadaman waraqaan Ragaa Abbaa Qabeenyummaa kun kennameera.

የክተማ መሬትን በሊዝ ለማስተዳደር በወጣው አዋጅ ቁጥር 721/2004 እና ደንብ ቁጥር 182/2008ን መሰረት በማድረግ በ ሰንደፋ ባኮ ክ/ከ ከተማ አስተዳደር ውስጥ የሚገኘውን 200 ካ.ሜ. መሬት ለአቶ/ወ/ሮ/ ተቋም ደስአንቺ ሰናን ኧታሮ ለ ለመኖሪያ ቤት አገልግሎት ለ 54 ዓመት በዓመት ብር 1,070.87 በመክፈል በሊዝ እንዲጠቀሙበት ይህ የመሬት ይዞታ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ተሰጥቷል።


Based on the proclamation No. 721/2011 and Regulation No.182/2016 land lease holding Sendafa Bake Town Administration issued this land Lease tenure Certificate to the use of 200 M² land to Mr/Mrs/ Org. Desdoqa Bexere Ifana for Residenseal service and pay 1,070.87 birr per year for 54 year.

Lakk. walligalte/የውል ቁጥር/agreement no. ____

Lakk.Kaartaa/የካርታ ቁጥር /Certi. No. 14/774/99

Guyyaa/ቀን/Date 13/01/2015

Teessuumma lafa/የቦታ አቀማመጥ/Site plan



T/L	XY Koo'ordineetii X	Y
1	503500	1011650
2	503503	1011659
3	503483	1011664
4	503480	1011655
5		
6		
7		
8		

Daangesitoota/አዋሳኞች/Neigbours

Bahaa/ምሥራቅ/East ____

Dhihaa /ምዕራብ/ West ____

Kabaa/ሰሜን/North ____

Kibbaa/ደቡብ/South ____

Madaalaa/ሚዛን/Scale 1:600

Ganda ቀበሌ Kebele	LaKk.addaa Bilookii/ የብሎክ መለያ ቁጥር/ Block ID.	Lakk. addaa paarslii የፓርሴል መለያ ቁጥር/ Parcel ID.	Sadarkaa lafa የቦታው ደረጃ Land grade	Bal'ina lafa የቦታው ስፋት/ Plot area (m²)	Tajaajila Lafa የቦታው አገልግሎት Land use (Plan)	Lakk.Galmee fi tartiba lakk. የመዝገብ ቁጥር እና ተ.ቁ. Reg. No. & S/n.	Dheerina Gamoo hayyamamu የሚፈቀድ የግንባታ ከፍታ Building height allowed
04	99	HC-33		200	Mid	774/99	

Kan Qopheessee / የዘጋጀው Prepared by

Maqaa ስም/Name Kedir Mekonnen

Kan Mirkaneessee/ የፈቀደው/ Approved by

Maqaa ስም/Name ____

Kan Raggaasise/ የወጸቀው/Authorized

Maqaa ስም/Name Daggafaa Lammaa Ayyaanee

Gahee hojii/ የስራ ድርሻ Head of Land Administration and Use Office

Lakk. G. 01486
Guyy 08/04/2017

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furiitii f
Furii

Iyyataa:- Obbo Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa
Teessoo:- M/Finfinnee, K/M/Nifaas Silk Laaftoo, Aanaa 02
Waamamtuun:- Ae Ganamee Maatiyoos Badhaasoo
Teessoo:- M/Finfinnee, K/M/Nifaas Silk Laaftoo, Aanaa 02

Tarree Qabeenna Woliinii Dhiirsaa fi Niitii bu'uura SDFS Kwt 91 fooyya'ee dhiyaate

Gaa'elli Waamamtuu fi Iyyataa Murtii Galme kana irratti kennameen erga diigamee booda waa'ee guddinnaa fi qallaba daa'imaa irratti kallattiin kaayamee, tarree qabeenna woliinii Dhiirsaa fi Niitii gaafa **17/08/2016 dhiyeefadhe keessaa tilmaama Manaa fooyyesse akka dhiyeessu ajajamee jira**. Haaluma kanaan tilmaama Manaatiin qofa haala qolqabatuun iyyata gaafa 17/08/2016 dhiyeefadhe haala itti'aanuun fooyyessee jira:-

1. **Manni jireennaa tilmaamni isaa qr. 2,150,000 (Miliyoona Lamaaa fi Kuma Dhibba tokkoo fi Kuma Shantama) ta'e Qabeenna woliinii Dhiirsaa fi Niitii ta'uu**

Waamamtuu fi Iyyataan Mana jireennaa Magaalaa Sandaafaa keessatti Lakkoofsa Kaartaa 14/774/99 gaafa 13/01/2015 kennameen Maqaa Iyyataa, Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa jedhuun galmaayee beekamu, Mana Lafa bal'inna Kaaree 200 irratti qubatee jiruu fi **qr. 2,150,000 (Miliyoona Lamaaa fi Kuma Dhibba tokkoo fi Kuma Shantama)** bittaan arganne qabna. Manichi Maallaqa woliinii dhiirsaa fi Niitiitiin osoo gaa'ela keessa jirru kan bitame yoo ta'u, Maallaqa ittiin bitames Baankii irraa Liqiin kan argameef Liqii kanas harka irra caalu kafallee jira.

Kanaafuu Manni jireennaa Magaalaa Sandaafaa keessatti Lakkoofsa Kaartaa 14/774/99 gaafa 13/01/2015 kennameen Maqaa Dassaaleny galmaayee beekamu kun woliinii Dhiirsaa fi Niitii ta'uu naaf qulqullaayee gatii gabaa ammaatiin gurguramee Idaan Baankii hafe yoo jiraate kafalamee gaheen kiyya akka naaf kennamu kabajaan gaafadha.

2. **Qallabaa Daa'imaa.**

Iyyataa fi Waamamaan yeroo gaa'elaan turre keessatti Daa'ima tokko wol'irraa godhannee kan qabnu yoo ta'u, Daa'imti tun Waamamtuu biratti akka guddattu Iyyataan Baatiidhaan qallaba daa'imaaf qr. 3365 (Kuma Sadif dhibba sadiif jaatami shan) akka kafalu jechuun galmeedhuma kana irratti murtaayee jira. Daa'imti tun umrii waggaa Lamaa fi Ji'oota muraasaa keessatti argamti. Yeroo kanatti guddinna daa'imaaf nyaanni adda addaa akka barbaachisu beekamaa dha. Iyyataan yeroo ammaa Ji'aan Mindaan Qr. 52,000 (Kuma Shantamaa Oli) argataa jira. Gama biraatiin haalli gabayaa fi ulfaatinni jireennaa

Lakk. G. 01486
Guyy 08/04/2017

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furiitii f
Furii

Iyyataa:- Obbo Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa
Teessoo:- M/Shaggar, K/M/Furii
Waamamtuun:- Ae Ganamee Maatiyoos Badhaasoo
Teessoo:- M/Shaggar, K/M/Furii

Tarree Ibsa Ragaa

I. Ragaa barruu

1. Manni Lakkoofsa Kaartaa 14/774/99 gaafa 13/01/2015 kennameen Maqaa Dassaaleny Bayyaneetiin galmaayee beekamu jiraatuu Bulchiinsa M/Shaggar K/M/Sandaafaa Bakkee, Magaalaa Sandaafaa irraa akka naaf qulqullaayu bu'uura SDFS Kwt 145 gaafadha

II. Ragaa namaa

1. Adde Ayaantuu Maatiwoos Tessoo:- Magaalaa Finfinnee Ku/M/Nifaas Silk Laafto Aanaa 02
2. Addee Meeroon Birahaanu Tessoo :- Magaalaa Duukam

Ibsi Ragaa kun dhugaa ta'uu bu'uura SDFS kwt 92 nan mirkaneessa.

Waamamtuu

Baankii Awaash

Onkolooleessaa Guyyaa 28 bara 2017

Lakk አባ/ሠአሰፕ/4250/2024

Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggaaritti

Mana Murtii Kutaa Magaalaa Furiitiif

Magaalaa Shaggaar

Dhimmi:- Hanga minda fi Fayidalee adda adda Obbo Dasalaany Bayyanaa bekisisuu

Onkololeessaa Guyyaa 26 bara 2017 lakk galmee 01486 ajajaa barra'een himataa Obbo Dasalaany Bayyanaa fi Himatamtuu Ganaamee Matiwoos jidduu falmii jiru ilalchisee Obbo Dasalaany Bayyanaa galii qulqulla'a ji'an argatani qulqullesinee akka dhiyyesinu ajajiin nuuf kennamee jira.

Bu'urummaa kanan Obbo Dasalaany Bayyanaa ji'an kan argatani hangi mindaa fi fayidaalee adda adda.

1. Mindaa ji'a hin qulqulla'iin ---------- Qarshii 44,122.00
2. Durgoo Mana ---------- ---------- qarshii 2,400.00
3. Durgoo Gejjibaa , ji'an litiraa 130, ji'a Onkololessaa 2017 gattii boba'aa tureen gara mallaqaatti yommuu jijjiramu ---------- Qarshii 11,848.20
4. Galii waliigalaa Gibiraa galiitiin duraa ---------- Qarshii 58,370.20
5. Gibiraa Hojii ---------- Qarshii 13,942.70
6. Baasii Soraamaa ---------- Qarshii 3,088.54
7. Liqaa Hojjataa Arifachisaa ---------- Qarshii 7,354.00
8. Hir'ifamaa biraa ---------- Qarshii 300.00
9. Liqaa Mana ---------- Qarshii 15,263.00
10. Hir'ifamaa waliigalaa ---------- Qarshii 39,948.24
11. Mindaa ji'a qulqulla'a ---------- Qarshii 18,421.96/kuma kudhaa saddetiif dhibbaa Afuriif digdamii tokkoo fi sant. 96/100/ ta'u ni ibsina.

Nagaa wajjiin

Mallatoo hin dubbifamnee , Kibbinaash Macheessaa , Hojii gaggesaa:- Tajajilaa Hojjatootaa fi Kutaa Pilangii Hojii Ol'aanaa

Bilbilaa:- +251-11-557-0157/ Faksii +251-11-557—0184

Kan jedhu fi mallatoo hin dubbifamnee qaba

30th Anniversary AWASH BANK INSURANCE
Honoring success, looking beyond the horizon

ገላጋይ ሰግቷል
29/02/2017

ቀን: ጥቅምት 28 ቀን 2017 ዓ.ም
ቁጥር: አባ/ሠአሰፕ/4250/2024

በሸገር ከተማ ከፍተኛ ፍ/ቤት
ለፉሪ ክፍለ ከተማ ፍርድ ቤት
ሸገር ከተማ

ጉዳዩ: **የአቶ ደሳለኝ በየነ የደመወዝ መጠን እና ጥቅማ ጥቅም ስለማሳወቅ፣**

ጥቅምት 26 ቀን 2017 ዓ.ም መ.ቁ 01486 በተጻፈ ትዕዛዝ፣ በከሳሽ አቶ ደሳለኝ በየነ እና ተከሳሽ ገነሜ ማቴዎስ መከከል ስላለው ክርክርን አስመልክቶ፣ አቶ ደሳለኝ በየነ በወር የሚያገኙትን የተጣራ ገቢ አጣርተን እንዲናቀርብ ትዕዛዝ ተሠጥቶናል።

በዚሁ መሠረት የአቶ ደሳለኝ በየነ በወር የሚያገኙት ደመወዝ እና ጥቅማጥቅም መጠን፣

1. ያልተጣራ የወር ደመወዝ..... ብር 44,122.00
2. የቤት አበል.....ብር 2,400.00
3. የትራንስፖርት አበል፣በወር 130 ሲ.ሲ፣ጥቅምት ወር 2017 ዓ.ም. በነበረው የነደጅ ዋጋ ወደ ገንዘብ ሲቀየር.....ብር 11,848.20
4. ጠቅላላ ገቢ ከገቢ ግብር በፊት.....**ብር 58,370.20**
5. የሥራ ግብር.....ብር 13,942.70
6. የጡረታ መዋጮ.....ብር 3,088.54
7. አስቸኳይ የሠራተኛ ብድር(Emergency staff Loan)....ብር 7,354.00
8. ሌላ ተቀናሽ.....ብር 300.00
9. የቤት ብድር.....ብር 15,263.00
10. ጠቅላላ ተቀናሽ.....**ብር 39,948.24**
11. የተጣራ የወር ደመወዝ.....**ብር 18,421.96** (አስራ ስምንት ሺህ አራት መቶ ሃያ አንድ ከ96/100) መሆኑን እንገልፃለን።

ከሰላምታ ጋር

ክብነሽ መቺሳ
ሥራ አስኪያጅ- የሠራተኞች አገልግሎት እና
ሰ/ፐላኒንግ ዋና ክፍል
ስልክ: +251-11-557-0157| ፋክስ: +251-11-557-0184

30th Anniversary AWASH BANK INSURANCE
Honoring success, looking beyond the horizon!

አዋሽ ባንክ AwashBank

ቀን: ጥቅምት 28 ቀን 2017 ዓ.ም

ቁጥር: አባ/ሠአሰፕ/4250/2024

በሸገር ከተማ ከፍተኛ ፍ/ቤት

ለፉሪ ክፍለ ከተማ ፍርድ ቤት

ሸገር ከተማ

ጉዳዩ: **<u>የአቶ ደሳለኝ በየነ የደመወዝ መጠን እና ጥቅማ ጥቅም ስለማሳወቅ፣</u>**

ጥቅምት 26 ቀን 2017 ዓ.ም መ.ቁ 01486 በተባረ ትዕዛዝ፣ በከሳሽ አቶ ደሳለኝ በየነ እና ተከሳሽ ገነሜ ማቴዎስ መከከል ስላለው ክርክርን አስመልክቶ፣ አቶ ደሳለኝ በየነ በወር የሚያገኙትን የተጣራ ገቢ አጣርተን እንዲናቀርብ ትዕዛዝ ተሠጥቶናል።

በዚሁ መሠረት የአቶ ደሳለኝ በየነ በወር የሚያገኙት ደመወዝ እና ጥቅማጥቅም መጠን፣

1. ያልተጣራ የወር ደመወዝ..... ብር 44,122.00
2. የቤት አበል.....ብር 2,400.00
3. የትራንስፖርት አበል፣በወር 130 ሊትር፣ጥቅምት ወር 2017 ዓ.ም. በነበረው የነደጅ ዋጋ ወደ ገንዘብ ሲቀየር.....ብር 11,848.20
4. **ጠቅላላ ገቢ ከገቢ ግብር በፊት.....ብር <u>58,370.20</u>**
5. የሥራ ግብር.....ብር 13,942.70
6. የጡረታ መዋጮ.....ብር 3,088.54
7. አስቸኳይ የሠራተኛ ብድር(Emergency staff Loan)....ብር 7,354.00
8. ሌላ ተቀናሽ.....ብር 300.00
9. የቤት ብድር.....ብር 15,263.00
10. ጠቅላላ ተቀናሽ.....**<u>ብር 39,948.24</u>**
11. **የተጣራ የወር ደመወዝ**.....**ብር <u>18,421.96</u>** (አስራ ስምንት ሺህ አራት መቶ ሃያ አንድ ከ96/100) መሆኑን እንገልፃለን።

ከሰላምታ ጋር

አዋሽ ባንክ አ.ማ. AwashBank AWASH BANK S.C.

ክብነሽ መኮንን

ሥራ አስኪያጅ የሠራተኞች አገልግሎት እና

ሰ/ፕላኒንግ ዋና ክፍል

ስልክ: +251-11-557-0157| ፋክስ: +251-11-557-0184

Guyyaa 25/02/2017

Lakkosa Galmee 01486 fi 02061

Mana Murtii Kutaa Magaala Furiitiif

Himataan ana Dessalegn Bayyanaa Ittaanaati

Teessoo: Aanaa Caffee Karaabuu

Himatamtuun: Aadde Ganamee Matewos

Teessoo: Aanaa Caffee Karaabuu

Dhimmi isaa: Himata dhiyaatee jiru dheerachuuf sirriitti qoratamuu dhabuu irraa kan kahe maatiinkoos, anis, mucaankoss qisaasama yeroo, maallaqaa, yaaddoo fi kkf irra jirruuf Murtee sirrii himata fooyyaheef qoranno sirrif sayinsawaa taheen akka nuuf qoratamu gaafachuu taha.

Akkuma asii oliitti ibsame, osoo himata duraa galmee 01486 irratti caqafamee jiruun dhiyeeffachuu hin egaliin himatamtuun Gaafa 15/12/2015 kaasee iddoo jirtu dhoksuun jiha afuriif kan of dhoksite tahuus sana duras mucaa guddifadha jennan na diddee Shashamannee haadhashee bira geessaa akka turteefi bilbilaan Polisii Jamoo saajjin Samuel beeksisuun erga deebitee dhuftee eegalee mana kiraa gadi lakkisaa jennaan mana gadi lakkisnee waldhabdeen waan tureef iddoo garaagaraa kireeffannus dhimmi mucaaf ilaalchan qabu hin jijjiiramne ture mucaakoo waanan jaalladhuuf naaf kennus diddee turte. Akkasumas himatamtuun galmee 01486 irratti murteen erga kennamees seera kabajuu dhabuuf mucaan akka narraa cittu walitti dhufeenya hin uumeef hingargaarre taasisteetti. Ergasisis nama biraa barsiisuun ana bira akka hindhufne qimmiiduun dorsisuun mucaan rakkoo xinsammuu keessa akka turtee fi yeroo baayye boohaa akka turte beekamaadha. Sababa kanaa afaanis abbashees sirriitti baruuu dhabun tasuma akka nama miidhuu fakkeessun mucaa leenjisuun tasuma akka miidhamtu taasisteetti gaafa ana argitu haadha ilaalti sodaan. Kana qofaa miti manni itti cufamee ooluun afaan baruu dadhabdeetti kun karaa ogeessaa qorachuu dandeessu.

Anarrattis dhiibbaa cimaa jibba hamaa waan qabduuf haaasa naannon waliigaluun namoota mucaakoo miidhuuf gaadaa turan waliin waliigaltee raga sobaa dhiyeessun mirgi mucaa akka hin kabajamne taasisteetti.

Manamurtiin kun akka naaf beeku kanan gaafadhu:

1ffaa Jiha afur guutuu hamman himata banuttii mucaankoo eessa turtee? Haadha bira hin turre. Obboolee[illegible]ishee gaafan gaafadhu na arrabsiti haatikoo ragaf dhiyaattus lafarra gototamee amma lubbun hin jirtu.

2ffaa Mucaa sirra kuteen deema tasuma hin argitu jechaa turte. Olla Ganame Faaxumaa kan jedhamtu kenteerii Bilookii 58/1 irratti kan argamtu gaafadheen ture mucaa xiqqoo wagga lamaa fi jiha lamaa turte yeroo sana namni qabuyyuu hin jiru takka takka ana biras dhufti jechaa turte. Gaafan biblilu Ganameen bilbila hin kaastu turte, maatiinshee hundi mucaan baddee baduushee ykn hatamuushee dhoksaniiru jedheen waanan amanuuf akkasumas naannoo Koyyee Faccee bilokii 636/27 kireeffadhee kophaakoo akkan ture hawaasni beeka namoonni ani hin beekne wahee mucaa koon na rakkisaa takka duuteetti jechaa na yaaddessaa turaniiru. Himataarra kaasee hanga harrattii guyyaa guyyaa haala mucaan keessa jirtu hordofuuf murtee sirrii akka argattuuf gaafachaan jira. Yaaddo kana ammas haati dabalataan akkan miidhamuuf hojechaa turte ammas hojjechaa jirti. Kanaafuu Manni urtii qorannoo foyyahaa akka anaaf taasisuufi gafa fulduraatis yaaddoo malee akkan mucaakoo hordofee guddifadhu yaaddoo malee jiraadhuf murteen isin kennitan sirrii tahuu qaba. Dhimma murtee kanaa akka hordofuuf Dhimma mirga daaimmanii ilaalchisee report hrc (dhaabbata mirga daaimaa fi namoomaa kan Oromiyaa beeksiseen ture). Kana hunda kanan taasisu daddabarsi ijoolle daaimaafi akkasumas human trafficking haadharratti bifa dhokataan hojjetameera jedheen waanan amanuuf haati anaan haaloo bahuurratti kan xiyyeeffatte fi furmaata ammas fuldurattis fiduu kan hin dandeenyefi darbees siyaasa nama miidhuun xaxamtee akka jirtu waanan hubadheef qorannoo sirrii irratti hundaahuun akka murteessitan daaima koo irraa addan cituuf gahee guddaa kana taphate haadha (Ganamee Mathewosifi Maatiishee tahuu beekuun gara fulduraattis akkan daaima guddisu keessa gahee qabu beekuun akka anaaf eeyamtan haatis akka sirrattu yoo didde akka itti gaafatamtu akka naaf tahun gaafadha. Daaimni baddee ammas haala walfakkaataaf haala mijeessaa kan jirtu tahuu fi haadha bira Shashamannee geessun dhimmi siyssaa amantaaf walitti buhinsaaf akka haala mijeessa jiran manni murtii akka beekuf anaaf murteessun gaafadha. Daaima koo siyaasa kamirra bilisa taatee akkasumas fedha namoota ani hinbeekne dhimmi amantiif qomoon nafalman harka akka buutu gochuun sirrii waan hintaaneef haatis ilaalchi isheen qabdu gochaa hanga yoonaa anaaf mucaakoorratti raawwachaa turterraa akka habattaniif murtee sirriif bu'ura akka godhattan fayyummanshees akka ogeessota fayyaan qoratamun dabalataan gaafadha.

3ffaa Yeroo yeroon mucaakoo ilaaluu, taphachiisuu fi guddisuuf gargaaruuf ana bira akka ooltu akka tahuuf hanaga murteen kun murtaahuttis guyyaa sanbataa waldaa fuudheen deemaf sanbata duraa akkataa murtee kennamee tureen guyyaa lamaanuu ana bira akka ooltuun gaafadha.

4ffaa Walttti dhufeenyi sirriin maatiisheef ana gidduu waan hin jirreef soba raga bahanii Waaqa durattis nama durattis sbaan akka kakataa turan beekamaadha. Hawasni naannoo Kenterii kondominiyeemii raga bahuu dandaha. Anarra deemi jechaa akka turteef mucaan iddoo ati hin jirrettis osoo jirtuus hubachuu dadhabuun miidhaan irra gaheera jennan maaltu sidhibe jechuun akka eegumsa naanno waamun mooraa kana akka hin seenne jechuun seera cabsaa turteetti. Ademsi akkasii mucaa waliin walitti akka hindhufne gochuuf mucaas miidhuu waan hin taane jibbaa barsiisuuf addaan kutuurratti waan xiyyeeffatteef daa'ima guddisuu akka hindandeenyef jibba qofaa irratti akka xiyyeeffatte beekuun murtoo keessan akka sirrri tahuu qabum gaafadha. Anis daa'ima guddisuu mirgashee kabachiisu nama qacarachuu akkan dandahu beekamuu qaba sababa maatiinshee anarra kutuuuf jibbarratti sabarratti xiyyeeffataniif mucaan baddee mirgishee sarbamee waan dhokateef akkasumas ammas dabalataan dhoksaan miidhaaf hannaaf saaxilamtee akka jirtu akka hubattaniif qorattan raga sobaa iraan dhiyeessania akka sakattaataniif daa'ima koo akka mirgishee kabajamee muurtoo sirriin kennamu gaafadha.

5ffaa Ogeessotni fayyas tahe hawaasaa daa'imni abban walin argiin hin jedhu sababa sobaan. Barsiisaa waanan tureef waan daa'ima tokkof barbaachisus beeka Direktera fi barsiisaa mana barumsaa kutaa gadii tahees hojjedhee beeka. Wanti isheen haadharra argattus waliti dhufeenya haadha waliin qabdus beeka. Gaaffinkoo mirgi daa'imaa osoo hin kabamiin akka baduuf haalli mijatee osoo jiruu, haati kana dhksuuf waliigaltee mirgi daa'imaa akka dursuuf jiraachunshee isa jalqabaa tahusaa hubachuun haati kana hubachuu dadhabuushee akka anaaf beektaniif murtee sirriin akka kennamuuf qoranno sirriin akka gaggeefamun gaafadha. Yoo humna keessan ol tahee qaama olaanaa gargaarsa akka gaafattan gaafachaa ragooleen barbaachisoo akka karaakoo dabalataan dhiyaatuuf soba anaaf daa'ima koo Sinamoon Dessaleny Bayyanaa irratti gaggeeffamaa jiru akka anaaf eeyyamtan gaafadha.

Himatni dhiyaate dhugaa tahuusaa akkaataa seera jiruun dhugaa tahuusaan mirkaneessa.

Nagaa Wajjiin

Himataan Dessalegn Bayyanaa Ittaanaati

02061

Lakk- gal-02621

Guyyaa15/02/2017

Mana murtii Aanaa kutaa Magaalaa Furii tiif

Furii

Himataan Obbo Dassalany Bayannaa

Teessoon Kutaa Magalaa Furii aanaa caffee Karaabuu

Himatamtuun Aaddee Ganamee Maattiyoos

Teessoon Kutaa Magalaa Furii aanaa Caffee Karaabuu

Dhimmii Iyyaanaa koo Ana Himataa fi himatamtuu kana gidduu himanna saaqinee dhimmi keenyaa beelamaa irraa jiraachun isaa beekamdhaa.

Garuu Ani Himataan kun sababaa hojjiitii heeyyaaamaa na kennu waan didaniifu dhimmaan himadhee kana itti fufee falmaachu hin dandenyee.

Kanafuu dhimmi himadhee jiru kanaa gara fuduuraattii akkan galmee koo sochaafadhuu mirgii na egamee yeeroof akka galmeen kun na cufamee turu akka na gotaan yoon jedhu kabajaannan Iyyaannaa kannan gaafadhaa.

Malalttoo Iyyataa

Dassalany Bayannaa

Lakk KIDDD MTF/00196/2017
Guyyaa 4/2/2017

Mana Murtii Aana Kutaa Magaala Furii-Itti

Furii

Dhimm:- Dorbii Falmii himaadaf himetamtuu gidduu
jiru kennu ta'a

Akkuma armaan olitti ibsuu naalemeeti
mana murtii kana kutaa magaala Furii xalayaa
gaafa guyyaa 24/01/2017 Lakk waliigee 01486 nuuf
barreefameef irratti hundaa'udhaan dhiyeessota
Dhimmi kun ilaalatu waajjira dhiyeessaa
kutaa magaala Furii irraa fi jiraatota
manguddoota waaliin mana murtii nu argaasiira.

Haaluma kanaan nutis barreeffama argamee
haala jiru irratti ilaalleesinee xalayaa gaafatu
kanaan wal fakkaatu bu'a argamee fuula lamaffaa
irratti finiideesinee erguu keenna isiin
kabajaan isiin beeksifna

Nagaa waajjira

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Dhimma Duhartootaa fi Dee'imtaa Kutaa Magaalaa Furii SHAGGAR

Bartukaan Gudhaadhaa Doorii
U/Gaafatamtuu Waajjiraa

Guyyaa 3/2/2017

Gabbo Yaa'ii

Addoo Waltajjii Kondominiyami Alamgaaa barkka Da'imni jiraatu

→ Sa'ati Calqabamee 4:00
→ Sa'ati Xummura 5:00

Hirmaatootii

1 Obboo Darajjee Geetaalun
2 Obboo Margaa Dhiinsaa
3 Obboo Dheeraba Kajjaasa
4 Addee Hiyaa'ibaa Abdoo

AGENDA Da'immaa
Qeessa Seera
Jaarsa biyyaa
Olaa

Ajandaan Marii: Falmii himatamtu Addee Ganamee Naadiyoositi Obboo Dassalany Bayanaa Falmii jiru ilaalu fa'a Falmiin turee maa'e Gabiinsaa Da'imman irratti ilaalu fa'a

→ Haeli Gebiinsa Da'immaa Sanaamoon Dassalany kan Gedhamtuu haala kennuuna Da'immo kana mal fakkeeda?

→ Da'imni magaan ishee armaan olii ibsamee kun himatamtuu yoo haadha biro kan jirtuuf Guddistuu magaan ishee Caaltu Bullo kan Gedhamtuu kan Guddisa jirtuu fi Umurin Guddistuu kana waggaa 18 ol waan taeef haala Gaariin Da'immo kana Guddisa kan jirtuu fi kennuuna kan jirtu fi haadha mucaa kana waliin jiraachuu haala maalif wali Galtee kan Gaban fa'u Hamootni Nannoo Sana jiraatan Obboo Dheerecha Kajjaasa fi Addee Hiyaa'ibaa Abdoo fi Guddistuu Durbee Caaltu Bullo naada nuuf kennaniiru.

Lakk.Galmee :- 01486

Guyyaa:- 23/09/2016

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii tiif

Furii

Iyyataan-------- Obbo Dassaalenyi Bayyanaa Ittaanaa

Teessoon:- Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Caffee Karaabuu

Waamamtuun-------- Adde Ganamee Maatiyoos Badhaasoo

Teessoon:- Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Caffee Karaabuu

Iyyata waamamtuun gaafa 30/08/2016 tti Mana Murtii kanaaf dhiheeffatteef akkaataa S/D/F/S keewwata 234 tiin deebii ana iyyataa irraa dhihaateedha.

Tarree deebii

Manni jireenyaa Magaalaa Sandaafaa keessatti lakk.kaartaa 14/774/99 gaafa 13/01/2015 kennamee fi maqaa ana iyyataan galmaa'ee jiru akka waamamtuun jettu qabeenyaa gaa'ela keessatti waliin horanne osoo hin taane qabeenyaa dhuunfaa kooti. Ani iyyataan Mana kana kanan bitadhe ji'a Fulbaanaa bara 2015 keessa liqii Baankii Awaash damee Finfinnee irraa argadheen yoo ta'u,Liqaa Baankii kanaas ji'aan qarshii 15,267 (kuma kudha shani fi dhibba lamaa fi jahaatamii torba) mindaa koo irraa citee kaffalaa turee jira. Ammas liqaa kana anatuu kaffalaa jira. Liqaa Baankii kanas hanga ammaatti kaffalee waan hin xumuraminiif kaartaa fi sanadootni biroo Mana kana ilaallatan hundi isaa Baankii Awaash biratti kan argamuudha. Waamamtuun adeemsa bittaa Manaa kana keessatti hirmaannaan isheen goote tokko illee osoo hin jirre faayidaa isheef hin malle argachuuf jecha akka waan Mana kana ishee waliin bitannee fakkeessuun iyyatnaan isheen dhiheessite kun kan fudhatama qabuu miti waan ta'eef kufaa akka naaf ta'uun gaafadha.

Qallabaa fi Guddina daa'imaa ilaalchisee ani iyyattaan Mana murtii kanatti lakk.galmee 02061 ta'e irratti daa'imni ani fi waamamtuun waliin horannee qabnu ana iyyataa biratti akka guddattu akka naaf murtaa'u iyyadhee yeroo ammaa kana falmii irratti kan argamu waan ta'eef seerummaan qallabaa fi guddina daa'imaa ilaalchisee waamamtuun amma gaafachaa jirtu kun

falmii lakk.galmee 02061 ta'e irratti adeemsifamaa jiruu waliin bakka tokkotti akka naaf ilaalamuun gaafadha.Tarii Manni murtii galmee dhuma kana irratti kan ilaalu yoo ta'e,waamamtuun daa'ima tana sirnaan guddisaa hin jirtu waan ta'eef ana biratti guddachuu qabdi. Sababni isaas waamamtuun da'imni koo manatti itti cuftee qofaa ishee oolchiti waan ta'eef,Daa'ima kanas kana booda tasumaa hin argattu jettee na sodaachisaa waan jirtuuf,mucaa koo waamamtuu fi firri ishee waliin ta'uun najalaa miliqsu jedhee sodaa waanan qabuuf mucaa koo guyyaa guyyaan argachuu qaba waan ta'eef,waamamtuun illee bilbila ishee cufattee mooraa isheen keessa jirtus akka ani seenee mucaa koo hin ilaalle na dhorkiti waan ta'eef kabajamaan manni murtii kun kana naaf hubatee ani iyyataan mindaan ji'aan argadhu qarshii 15,000(kuma kudha shan) waan ta'eef anaaf daa'ima koof gahaadha waan ta'eef,nama daa'ima koo sirnaan naaf guddisu illee qopheeffachaa waanan jiruuf iyyata waamamtuu kufaa godhee daa'imni koo kun akka na biratti guddattu akka naaf murteessuun gaafadha. Sababa falmii kanaan kisaaraa narra gahe akka nuuf murtaa'u gaafachaa,deebiin dhihaate kuni dhugaa ta'uu isaa akkaataa SDFS keewwata 92 tiin nan mirkaneessa.

Mallattoo Iyyataa

Dassaalenyi Bayyanaa Jiteenaa

Lakk.Galmee:- 01486

Guyyaa:- 23/09/2016

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii tiif

Furii

Iyyataan..... Obbo Dassaalenyi Bayyanaa Ittaanaa

Teessoon :- Magaalaa Shaggaar Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Caffee Karaabuu

Waamamtuun..... Adde Ganamee Maatiwoos Badhaasoo

Teessoon :- Magaalaa Shaggaar Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Caffee Karaabuu

Iyyannaa dhiyaateef bu'uura S/D/F/S/Lakk 222 fi 223 tiin tarree ibsa raga iyyattuu irraa qophaa'ee dhiyaateedha.

Ragaa Namaa

Ragooleen koo akkaataa himata kootitiin raga naaf bahuu danda'an

1. Obbo Dassaalenyi Bayyannaa akkaataa S/D/F/S keewwata 261 tiin
2. Obbo Naggaa Wadaajoo
3. Obbo Biqilaa Yaadasaa

Teessoon isaanii Magaalaa Shaggaar Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Caffee Karaabuu yoo ta'an ajaja Waamicha mana Murtii kanaan dhiyaatanii akkaataa iyyanaa kootitiin ragaa naaf bahuu ni danda'u.

Tarreen ibsa ragaa kun dhugaan kan dhiyaate ta'uu bu'uura S/D/F/S/Lakk 92 tiin ni mirkanneessa.

Malattoo iyyataa

Dassaalenyi Bayyanaa Ittaanaa

Lakk. G. 01486
Guyy 30/08/2016

Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furiitiif
Furii

Iyyataa:- Obbo Dassaaleny Bayyanee Ittaanaa
Teessoo:- M/Finfinnee, K/M/Nifaas Silk Laaftoo, Aanaa 02
Waamamtuun:- Addee Ganamee Maatiyoos Badhaasoo
Teessoo:- M/Finfinnee, K/M/Nifaas Silk Laaftoo, Aanaa 02

Tarree Qabeenna Waliinii Dhiirsaa fi Niitii dhiyeefatuu; akkasumas, Qallabaa fi guddinna Daa'imaa ilaalchisee murtiin kenname akka fooyya'u gaafatuuf iyyata dhiyaate

